# Guyyaa Keessanii Fi Ergaa Guyyichaa Beekuu

Jeffersonville, Indiana, USA

64-0726M

1 Nagaa bultanii firoota koo! Yeroo muraasaaf akkuma dhaabbannetti haa turru.

Yaa Waaqayyo jaallatamaa, akkuma jireenya jeequmsaa fi muddamaa kana keessa jirrutti yeroowwan ykn sa'aatii itti aanan kanatti, waanuma fedhe iyyuu haa ta'uu, waan Ati nuuf laatteef galataa fi ulfina siif kennuuf, Dubbii kee lallabnee caalaatti akka Si beeknufi .... Kanaafidha ganama kana kan walitti qabamneef. Akkasumas namoonni of qopheessanii dhaggeeffachuuf dhufan qophaa'anii waan jiraniif yaa Waaqayyoo Si galateeffanna. Haalli fi yeroon nuti keessa jiraannu maal iyyuu yoo ta'e, isaan amma iyyuu ni amanu. Waa'ee isaaniitiif Si galateeffanna.

Waaqayyo, humna fayyisuu kee isa guddaatiif, abdii Dubbii keetiifis Si galateeffanna. Dhugaa ba'umsa kana yommuu dhageenyetti akkam garaan keenya nu raafame! Rakkina gosa hundumaa kan ilmaan namootaa irratti ergame, Ati immoo ayyaanaa fi humna keetiin abdii keetiinis isaan fayyifteetta. Isaanis asitti dhugaa ba'aa jiru, Waaqayyoof galata galchaa jiru. Kanaaf Si galateeffanna. Amma immoo, ergaa Ati sa'aatii kanaaf nuuf qopheessite har'a haa dhageenyu. Akkuma nuti Dubbii Kee dubbifannuun hiika galumsaa Dubbichaa nuuf nuuf kenni. Fedhiin kee waan hundumaan haa raawwatamu. Maqaa Yesusiin Si kadhannaa. Ameen. Taa'uu ni dandeessu.

2 Har'a ganama asitti argamuun carraa guddaadha. Hunda keessanitti baay'een gammada. Akkasumas Obboleessi keenya Wuud, Obboleessi keenya Rooy Roobarsan, obboloonni biroo hedduun, guyyoota lamaan darban kana kaayyoodhuma kanaaf haala qilleensa gamoo kanaa sirreessuuf amanamummaadhaan hojjetaniiru, sababiin isaas Dilbata darbe akkam akka rakkattan arganiiru. Isaanis maallaqa xiqqoo kaznaa waldaa keessa qabaniin, horii isin buuftaniin hojiitti seenanii akkas akka mijataa isiniif ta'u godhan, akka—haala mijataa keessa teessanii ergicha dhaggeeffachuu akka dandeessaniif. Qilleensi yeroo sanaa caalaa har'a baayyee qabbanaa'aa dha. Kanaafis carrraa kanaaf Waaqayyoo fi isiniif galata guddaa qabna.

Obboleessa keenya Roy Bordersitti in gammadna.... Inni ganama kana gara duubaatti deebi'ee taa'uu barbaade. Ani immoo teessoo isaa fudhatee tajaajiltoota kanaa wajjin as akka taa'uun itti hime, inni garuu duuba filate. Akkuma hundi keessan beektan Obboleessi keenya Boorders dirree irratti bakka nu bu'a. Obboleessa keenya Borders, fi tajaajiltootaa fi hiriyyoota biroo hedduu qabaachuu kootti baay'een gammade.

3 Torban guutuu yaadaan liqimfamee turee, "Dilbata yeroon achi ga'u tajaajilaa hundumaa, nama hundumaa beekuufan deema" jedheen murteessa. Sana booda yeroo as geessan, hanga waan hundumaa dagachuutti ergaa sanaan liqimfamtanii jirtu jechuun ni danda'ama, kanaaf—akkas ture.

Amma, gara Arizoonaa deebi'uu danda'eera. Wiixta dhufu, torban tokkooof, ijoollee mana barumsaatti geessuuf gara Tucsonitti nan deebi'a. Sana booda deeebi'ee nan dhufa. Haati manaa koo immoo dursitee achitti argamuu qabdi—barnoonni utuu hin jalqabin torban lama dura ijoollee galmeessisuuf. Sana booda yeroo muraasaaf asitti deebi'uufan jira.

Ammas, kun yeroo boqonnaa kooti. Akkuma beektan Muddee, Amajjii, Guraandhala, Bitootessa, Ebla, Caamsaa, Waxabajjii fi Adoolessa irraa eegalee lallabaan jira. Amma, yoo fedha Waaqayyo ta'e, waamichi addaa yoo jiraate irraan kan hafe , yeroon kun yeroon boqonnaa kooti, yeroon boqonnaa koo itti fudhadhudha; Ani adamoofan deema. Ani immoo....

4 Amma Gooftaan gara waan biraatti yoo na waame, karoorri koo kun hunduu ni hafu. Yeroo hundumaa kan Waaqayyootu dursa, akka Inni dursu nan barbaada. Isinis Inni akka dursu barbaaddu. Garuu sana booda yoo waamichi murtaa'aan tokko hin jiraannee fi yoo sun fedha Isaa ta'e, ji'oota lamaan dhufaniif wanti ani gochuu qabu adamoo dha. Amma—ofii koon boqochiisa.

Hin hubattan, biyyi lafaa waanan keessa darbuu qabu gonkumaa hin beektu, ilaalaa. Egaa inni dhiphina akkasii ti. Hin dinqifatinaa, Gooftaan duuka buutota isaatiin yommuu isaan waliin deemaa ture, "Isin duwwaan anaa wajjin gara iddoo qoofniitti ba'aa, takkas boqodhaa" jedheera waan ta'eef. Argitanii? Guyyaa guyyaan caalaatti kana nan hubadha, keessumaa immoo guyyoonni koo lafa irratti dabalaa yeroo deeman. Argitaa? Akkuma umuriin keessan dabalaa deemuun ni hubataa deemtu. Paastariin keenyas sanaaf "ameen" jechuu isaa dhageessaniittu. Waggaa shantama erga darbinee booda dargaggeessa akka hin taane of hubachuu dandeenya. Amma.... Yeroo muraasa qofa qabaanna.

Dhugaa ba'umsa amma dhageenyeef baay'ee galateeffanna. Haati manaa koo kaleessa mana Aadde Wuud turte yeroo namoonni muraasni Alaabaamaa irraa dhufan, isaan achi keessaa iddoo ta'e tokko irraa dhufan, waa'ee wantoota gurguddoo Gooftaan walgahii sana irratti hojjetee, waa'ee ijoolleen xixiqqoon fayyuu fi wantoota adda addaa, akkasumas waan baay'ee himaa turte sun.... Oo, himanii xumuruuf yeroo dheeraa kan fudhatu ture.

5 Akkasumas kana yaadachuun qaba.... Obboleettiin keenya Laarsan Dilbata lama daa'ima xiqqoo waliin as akka turte natti himanii akka turan nan amana. An hin beekun ture, garuu daa'ima akkoo ishee akka

dabarsinee Waaqayyotti laannuuf akka fidde nan amana. Isheen Chikaagoo irraa fiddee dhufte. Giiftiin kun baay'ee gaarummaa nutti argisiifteetti, nutis isa kanaaf ishee in galateeffanna. Akkasumas daa'ima xiqqoo Chikaagoo irraa eebbisisuuf fiddeetti, mucaan kun eebisiisuudhaa yeroo xiqqootu ishee hafa jedheen yaada; garuu mucaan kun Gooftaaf dabarisnee aakka kenninuuf isheen fedhii qabdi. Kanaafuu obboleettiin keenya Laarsan osoodhuman dubbachaa jiruu daa'ima kana akka eebbifnuuf gara fuul duraatti akka qabaattee baatu si gaafanna....

6 Achiis tarii osooma isheen qophaa'aa jirtuu, kun ergaa ani qopheessuuf yaale keessaa isa cimaa ta'uu isaa dubbachuun barbaada, hanga halkan edaatti. Torban guutuu kutaa koo keessa taa'ee, bilbila koo fi wantoota biroo irraa adda of baasee, sa'aatii kanaaf waan barbaachisu tokko sammuu koo keessa galchuuf yaalaan ture. Yeroon deemu illee waan biraa yaaduu hin dandeenye.... Sammuun koo duwwaa ture. Kaleessas mana gadi aanaa (basement) keessa nan seene. Manni keessi garmalee ho'aa waan ta'eef gara mana gadi aanuuttin gad bu'ee achi taa'e. Macaafa Qulqulluu koo fudhadhee dubbisuuf yaaleen achumaan hirribni na qabee ture. Sana booda ka'ee bishaan dhugeen akka mataa raasuu godheen gadi ba'ee takka asii fi achi deddeemeen ol baaftuu (staircase) irra gad taa'e.

Namni tokko darbuu dhufee shamizii koo baasee, ol baaftuu irra taa'ee na qabe, qilleensis baay'ee ho'aa ture. Namoonnis harka isaanii raasan. Harka isaanii hafarsuu hin beeku ture.... Namni tokko, tarii nama as naannoo magaalattii keessa jiraatu ta'uu danda'a ykn nama waldaa kana keessa jiru ta'uu danda'a, inni harka natti raasee. Ani immoo akka tasaa yeroo konkolaataa darbu argeen harka koo itti raase se'een yaadan ture.

7 Halkan edaa konkolaataa keessa seeneen gara naannoo Chaarlistoonitti ol ba'ee waan tokko argachuuf yaalaan ture. Gooftaan, waan tokko natti himuu waan barbaadu natti fakkaata ture, garuu Seexanni akkan hin deemneef karaa koorra dhaabbatee na daquuf yaalaa ture. Kanaaf akkas jedheen yaade, "Eeyyee, yoo inni akkas godhe, ani turuu qofan itti fufa, eeguu qofan itti fufa, an balbala nan rukuta hanga Inni naaf banuttis nan eega. Kanaafuu sana booda, yeroo muraasa dura ykn ganama kana sa'aatii tokko booda xiqqoodhumaaf.... Ani dhuguma dafeen ganamaan hirribaa ka'e.

Kaleessa, xiqqoo dhukkubsadheen, yaala.... Boqqolloo sirritti qaama koo waliin walii hin galle nyaadheen ture, dhuguma inni ho'aa hin turre, sana irraa fagaachuufis yaalaan ture. Achiis ganama kana gara sa'aatii lamaatti, akkuma tasaa Caaffata Qulqullaa'oo na ajaa'ibsiise tokkon argadhe. Caaffata Qulqullaa'oo sanas irra deebi'ee ilaaleen, ammas na ajaa'ibsiise. Aniis Caaffata Qulqullaa'oo sana hordofeen keessa deeme; akkasumas daqiiqaa muraasa qofan keessa ba'e. Kanaaf Gooftaan ganama kana ergaa seexanni nurraa ittisuuf yaale nuuf qaba jedheen amana.

Obboleettii keenya Laarsan, daa'ima xiqqoo sana as fiddaa? [Obboleessi keenya Biraanhaam mucicha ni eebbise.] Yaa Waaqayyo isaanii wajjin ta'i isaan gargaari.

8 Amma, Dilbata darbe guyyaa lama si eegaan ture natti fakkaata—ykn tajaajila lamaan ganamaafi galgalaa irratti, isinitti ulfaatee ture. Gariin keessan hanga kana imaltanii dhufuudhaaf hojii guyyaa tokko akka dhabdan, akkasumas waan fakkaatu akka dhabdan hubadheera. Kanaafuu Dilbataa hanga Wiixataatti, torban tokkoof kan deemnu yoo ta'e illee, amanatoonni halakan kana guutuu asitti dabarsuu hin barbaadan yoo ta'e tajaajila Dilbata dhufuutiif nan beeksisa, yoo fedha Gooftaa ta'e (argitanii?). Argitanii? Sun .... Baay'ee keessan hin jirtan. Meeqan keessantu halkan kana akka ta'u filata, mee haa ilaallu—tajaajila galgala kana akka qabaannu kan barbaaddan? Warri Dilbata dhufutti qabaachuu barbaaddan immoo harka keessan ol baasaa. Itti aansee .... Oo, yaa anaa. Baay'inni harkaa walitti dhi'oodha. Maal jedhee? Amma....

9 Ani argadheera ... ergaan kun ganama kana dheeraa dha, garuu akkamitti akka ta'e hin beeku....

Akkasumas seera waldaa eeguu akkan qabu nan beeka, garuu waanan kanaan dura jedhe ni yaadattu yoo ta'e, "Yeroon teeppiitti waraabsisu irraan kan hafe" nan eega jedheen ture. Ilaalaa, kanaaf kun immoo teeppiidhaan waraabamaa jira. Kanaafuu tarii galagala kanas deebitanii, sana booda Dilbata dhufu itti deebi'uuf yaalla—yoo fedha Gooftaa ta'e.

Amma, torban kana ergaan yoo isin hin dhaqqabin hafe, Dilbata dhufutu kottaa. Guyyaatti yeroo lama deebitanii yommuu dhuftan nan jibba, garuu yeroo xiqqoo dabalataa wayii malee yeroo dheeraa akka hin argannetu natti dhaga'ama. Akkasumas yaadadhaa, yeroon dheerachaa yoo deeme, carraan kana argachuu keenyaa dheerachaa hin deemu, ilaalaa. Yaadadhaa, wanti tokko raawwatamuuf deema. Yookaan seeratu nu dhorka yookaan immoo seexanatu isin gidduu seenee isin facaasa. Yeroo hundumaa akkas ture. Argitanii? Wanti tokko ta'uuf jira. Kanaafuu daqiiqawwan walii wajjin jirru hundumaa haa dinqisiifannu.

10 Egaa amma, warra gara mana galagala kana gara mana keessaniitti deebitaniif, akka halkan Dilbata darbee isiniif goona. Yeros ergaa gabaabaa qabadheen ture. Kanaaf isin—yoo teeppii irratti barbaaddan, yoo gara manaatti deebi'uun isin irra jira ta'e teeppii isiniif erguun keenya hin oolu. Yoo kana hin taane garuu halkan kana yoo Gooftaan fedhe lallabuufan deema.

Kaleessa ykn dheengadda yaadannoo tokkon qabadhee ture, ergaa xiqqoo yaadannoo waan tokkoo irraa barreesseen ture—yaadannoo yeroo dheeraa tokko irraati. Ergaan lamatu jira ture haa ta'u malee, isaan keessaa tokko "Gaanii ykn okkotee dhimmisu,"yookaan, "Bubbeetti facaasanii Bubbee Haammachuu" kan jedhu lamaan keessaa tokko,innis ergaa wangeelaati. Ergaan ganama har'aa barsiisaa ta'a. Kanaaf galgala kana yookaan "Bubbeetti Facaasanii Bubbee Haammachuu," yookaan, "Gaanii dhimmisu" kan jedhu irratti nan dubbadha.

11 Amma ganama kana Caaffata qulqulluu irraa dubbisuun barbaada. Haalii isniif mijataadhaa? "Ameen" jedhaa. Sun gaariidha. Amma, Macaafa Qulqulluu keessan keessaaa na waliin gara Macaafa Hose'aa, isan isiniif dubbisuu barbaaduutti akka deebitan nan barbaada. Egaa Macaafa Hose'aa raajichaa boqonnaa 6ffaa keessaa lakkoofsa muraasa haa dubbifnu. Ol kaanee haa dhaabbannu.

12 Yaa Waaqayyoo jaallatamaa, Macaafa kana harka keenyaan tuquun nuuf hin malle, sababni isaas, bantii waaqaa irraa yookiis lafa irraa yookiis lafa jalaa namni Macaafa kana fudhachuuf kan malu akka hin jirre ykn isa ilaaluuf illee kan malu akka hin jirre Caaffata Qulqullaa'oo keessatti dubbifneerra. Oo, inni tokko garuu in dhufe—inni hoolaa qalame fakkaatu in dhufe; Macaafichi Isaaf kan malu waan ta'ee, Inni Macaaficha in fuudhe; Inni hidhaa mallattoo Macaafichaas in hiike. Akkasumas ganama kana hiika galumasa Macaaficha keessatti barreeffamanii akka mul'isuuf gara Isaa ilaalaa jirra, sababiin isaas inni Macaaficha furii waan ta'eef; wanti furame hundinuu achi keessatti barreeffameera. Ganama kana yeroo keessa jiraachaa jirrutti bakki keenya eessa akka ta'e haa barru. Maqaa Yesusiin Si kadhannaa. Ameen.

Isaan, yommus "Kottaa gara Waaqayyootti in deebinaa! Isatu nu tatarsaase, isatus nu fayyisa; isatu rukutee nu mammadeesse, isatus erbee irra buusee nuuf hidha.

Guyyaa lama booddee deebisee nu fayyisa, sadaffaatti ol nu kaasa; fuula isaa dura in jiraanna.

Egaa kottaa Waaqayyoon in barraa, isa beekuudhaafis in dhamaanaa! As ba'uun isaa akka ifa barii lafaa dhaabataa dha; inni akka bokkaa, akka bokkaa arfaasaa isa roobee lafa jiisuutti nuuf in dhufa" in jedhu.

Waaqayyo garuu, "Yaa Efreem, ani maal si godhu? Yaa Yihudaa, si immoo maal godhu? Jaalalli kee akka hurrii ganamaa ti, akka fixeensa ganamaan dafee bu'uu tis.

Kanaafis ani karaa raajotaa sin qiqqirixe, dubbii afaan kootii ba'uunis sin ajjeese; wanti na duratti qajeelaa ta'ee raawwatamu akka ifaa bakkee in ba'a.

Ani jaalala nan barbaada malee, aarsaa miti; aarsaa gubamu caalaa immoo ana Waaqayyoon beekuu keessan nan barbaada.

"Isaan garuu iddoo 'Adaamaa' jedhamutti kakuu cabsan; achittis anaaf hin amanamne.

Giil'aad mandara warra hamaa hojjetanii isa faana dha'amee dhiigni keessatti argamee dha.

Warri saamtuun riphanii akkuma nama eeggatan, luboonnis walitti hidhatanii karaa Sheekem dhaqu irratti nama in ajjeesu; isaan jal'ina akkasii in hojjetan.

Namoota Israa'el gidduutti wanta dhagna namaa suukessu argeera; Efreem achitti ejjummaa isaa in argisiisa; Israa'elis of in xureessa.

Saba koo warra kana gara gaariitti yommuun deebisu, yeroon haamamuu kee immoo dhaaba in godhata, yaa Yihudaa!

Gooftaa Yesus, kana irraa hafuura qulqulluu keetiin hiika galumsaa yaadame sana akka nuuf laattuu, yeroo kanatti isa duraa caalaatti Si eeggachaa jirra. Maqaa Yesusiin. Ameen.

13 Amma, mata dureen koo ganama kanaa: "Guyyaa Keessanii fi Ergaa Isaa Beekuu" kan jedhu ta'a. Barnoota Dilbata darbee, "Ayyaana Malakataa" jedhu barsiifnee akka turre ni yaadattu.... Ammas, yeroo —yeroo Israa'el akka sa'aatii Waaqayyootti yeroo kan Isiraa'el ta'e kana keessatti, xiyyeeffannaa keessan waamuun barbaada.

Har'a barumsa Mucoolii kanan yeroo nuti keessa jirru akka hubattanii fi akka beektan barbaadu irratti wal'aansoo wal qabna. Nuti akkuma argitan xumuraa jirra. Sana booda kanaanis sa'aatii, yeroo, mallattoo fi ergaa fudhachuu qabdan sana beekuu qabdu.

14 Amma, akkuma Dilbata darbe jalqabnee turre.... Waa'ee malakataa irratti lallbuu jalqabnee turre, waa'ee malakata torban Macaafa Qulqulluu keessaa isa gar dhumaa irratti lallabuuf deemaa turre. An ofii koo keessatti, akkuma milikkittota sanaa ni banamu jedheen yaade. Garuu tokkoon tokkoon banaa kana irratti wanti guddaan akka ta'e hubadheera. Akkasumas akkuma nuti bara waldaa torban lallabneeti.... Isaanis akkasitti mudaa kan hin qabne turan, hamma Hafuurri Qulqulluun ofii isaatii nu gidduu bu'ee isa mirkaneessee, waraqaawwan irrattis katabee guutummaa biyyaattis raabsee, bantii waaqa irratti baatii

ykn ji'aan nutti mul'isee, torbanii fi ji'oota dura kun akkas ta'uu isaa nuuf mirkaneesse— guutumaan guutuutti akkuma in ta'a jedhametti raawwatame. Inni asuma godoo qulqullaa'aa kana keessatti beeksise. Yeroon Inni itti beeksise kunoo asuma. Inni ji'aa fi aduu irrattis isa beeksise. Akkasumas Inni ejjennoo biyyoonni yeroo kanatti qabanis ni beeksise, akkuma sadarkaan taayitaa (hierarchy) Roomaa dhiifamee gara Filisxeemitti deebi'etti; erga ( akka isaan jedhanitti) Pheexiroos Phaaphaasii jalqabaa ture jedhamee, phaaphaasii ta'uu isaatiin Roomaa irraa gara Filisxeemiitti darbe jedhu. Amma egaa, akkas waan ajaa'ibsiisaa ture.

15 Ergasii waa'ee dhoksaa mallattowwan torbanii hundumaa isa dhokatee turee dursinee argina.... Ani waa'ee bara waldootaa ilaalchisee waanan gabatee irratti kaasaa ture gonkumaa hin beekun ture.... Waaqayyo ni beeka. Mul'atuma qofaadhaanan kaase, ... Waaqayyo, waggaa tokkoo fi ji'a jaha booda bantii waaqaa irratti ji'aan mirkaneessee gaaexaawwaan biyyaalessaa irratti maxxanfamee akka raabsamu godhe. Ani akkas ta'uu isaa hin beeku ture. Gaaddiddaa'uun ji'aa dhoksaan kan bara Laa'odiiqeyaa kana bakka bu'u akka ta'uuf jiru hin beekun ture.

Amma, gaaexaa irratti baroota ja'an qofa argattu. Sababiin isaa Waldaan Laodiiqeyaa guutummaatti waan gurraacha'eef. Akkasumas hojiirra oolmaa hojii hafuuraa hubattanii? Akkuma Waaqayyo waaqa irraa dubbatetti.... Yeroon as lafa irratti dubbadhetti, akkuma argitan bakka xiqqoo wayiin hambise, ifa baay'ee xiqqoo taate hambiseen ture; sun osoo warri fo'aman biyya lafaa irraa hin waamamin dura ture, sababni ani bara torbaffaa irratti ifa xiqqoo wayii dhiiseef; garuu Waaqayyo bantii waaqaa keessa yeroo kaa'etti guutummaatti gurraacha'e. Hiikkaan isaa tarii warri dhumaa bara Laa'odiqeeyaa irraa waamamaniiru; ani hin beeku. Isa kana irratti tarii lallabni jiraachuu danda'a ta'a.

16 Amma, ammas waa'ee mallattoowwan torban sanaatiin dura waan ta'e hubadhaa, akkas ta'uu isaa an yaada hin qabun ture.... Inni asuma godoo qulqullaa'aa kanatti waa'ee isaa dubbatee, waan ta'uuf jiru hundumaa isinitti himee gara Tucson, Arizonaatti na erge. Akkasumas namoota har'a asitti argaman keessaa kanneen akkuma in raawwatama jedhamee dubbatametti utuu raawwatuu argan kanneen achi turan amma as jiran jir: Ergamoonni torba akka dhufuuf jiran. Sana booda gaazexoonni, barruuleenis maxxanfamanii guutummaa biyyaa guutan: Geengoo ifa dhoksaa bifa piraamidiitiin, akkuma ani asitti kaasee isinitti agarsiisetti, bakka ergamoonni sun dhaabbatan irraa ka'ee ol ba'ee oleen isaa maayilii soddoma kan dheeratuu fi dalgeen isaa maayilii digdamii torba ture, yookaan olka'iinsa olee maayilii digdamii torbaa fi dalgee maayilii soddomaa ture, hima lamaan keessaa isa kam akka ta'e nan dagadhe. Akkasumas guutummaa kutaalee biyyattii keessatti mul'ateera, Tucson, Arizona irraa ol xiqqoo, bakka ta'etti, yeroo wal fakkaataatti mul'ateera.

17 Macaafa Qulqulluu ilaalaa ... Waaqayyo.... Kun waan namni tokko waan tokko callisee isinitti fe'uuf yaalu osoo hin taane, hojiirra oolmaa hojii hafuuraa sa'aatii kanatti isiniif mul'ifamudha.

Achiis, ergaan itti aanu.... Banamuu mallattowwan torbaniiti, innis iccitii dhokataa Macaafa Qulqulluu, barumsawwanii (doctrines) fi kkf isa biyyi lafaa yeroo ammaa akka malee itti duulaa jirtu, itti duultees dogoggora jettu kana hunda hiikuu ture, sunis....

Guyyaa tokko asuma Arizoonaa keessatti, waanan hin jedhin akka waanan dubbadhee gochuuf sagalee teeppii muranii walitti hidhanii turan. Mul'ata waa'ee dhimma Arizoonaa sanaa yaadadhaa. Macaafni Qulqulluun kanaa manna dhagaan morma keetti hidhamee galaanatti dabatamuutu irra siif wayya jedheera. Iddoo biraatti immoo: “Namni (Lallabaa yookaan waan fedhe haa ta'u) jecha tokko yoo irraa hir'ise yookaan jecha tokko yoo itti dabale....” jedha. Namoonni Dubbichatti hiika mataa isaanii fiduudhaan, waanan hin dubbanne akka waanan dubbadheetti kaa'uuf yaalaa jiru, dubbichi dubbii koo osoo hin taane, Dubbii Isaa ti. “Eenyu illee yoo itti dabale ykn irraa hir'ise....”

Achiis mul'ata keessatti raajonni kun naanna'aa gadi bu'uu isaanii argine, kana Dilbata hedduu dura isiniif ibsee ture jedheen amana. Hundi isaa ni ta'a. Anis, “Irraa fagaadhaa” jedheen ture. Hanga ani isa lolutti, Waaqayyo isa loluu hin danda'u. Garuu Inni dhimmicha haa qabaatu. Kan isa kunuunsu Isa duwwaadha, argitanii.

18 Amma, Dilbata darbe guyyoota ayyaanaa lallabaa akka turre ni yaadattu.... Ayyaanni Pheenxeqoostes tureera. Ayyaana Pheenxeqosxee fi ayyaana malakataa gidduu yeroo dheeraatu ture, guyyaa ayyaana Pheenxeqoosxee fi ayyaana malakataa gidduu qabatamaatti guyyoota shantamatu jira. Guyyaa shantama immoo kan Pheenxeqoosxeeti, phernxeqoosxee jrchuun “shantama” jechuudha; innis guyyaa midhaan mataa sochoosuu, yookaan guyyaa ayyaana makarii ture, guyyaa itti firiin midhaan mataa kan jalqaba sassaabame itti fidamu ture. Akkasumas bara sanatti firii midhaan jalqabaa ykn midhaan mataa inni kan uumamaa fakkeenya firii jalqabaa ykn midhaan mataa kan ta'e Hafuura Qulqulluu namoota irratti dhangala'ee kan bakka bu'u ta'uu isaa ni argina . Yeroo sanatti immoo guyyaan shantammaffaa sana warri saba Waaqayyoo hin ta'in akka fudhatan argina, Waaqayyo maqaa Isaatiif jedhee Ormoota keessaa saba waame—ayyaana Pheenxeqoosxee. Nutis ayyaana Pheenxeqoosxee dheeraa sana keessa darbaa as geenye.

Amma, dhugumatti guyyoota shantama keessatti Sanbata torbatu jira. Sanbatni torba immoo bara

Pheenxeqosxeetti bara waldaa torban waamamuu qabanii bakka bu'u—ayyaanni Pheenxeqoosxee, guyyaa saba Inni Ormoota keessaa maqaa Isaatiif saba waamedha. Amma, dhuma Sanbata torban kanaa irratti, guyyaa ayyaana araaraatu ture, innis guyyaa malakanni torban itti hafuufaman ture. Malakanni torban immoo aarsaa ykn araaraaf guyyaa gaddaa deebisanii waamuuf kan dhageessifaman turan. Yeroo sanatti immoo Israa'el ... malaknni torban warra Israa'el qofa kan ilaallatu ture.

19 Achiis, Inni maaliif akkan malakata torba akkan lallabuuf naaf hin heyyamne.... An isa beeksisuuf iyyuu qophaa'een ture, galmoota qopheessee fi waan hundumaa xumureen malakata torban sana lallabuuf itti seenufin ture. Anis, "Wanti ta'e tokko akka malee na dhiphisaa jira" jedheen dubbadhe. Anis.... Biiliin, hundi keenyas hojii itti fufne, torban dhufu kanaaf gamoo qilleensa mijataa qabuu fi waan hunda qopheessuuf yaalaa turre, guyyoota kudhan ykn guyyaa saddeet fudhannee torban dhufu keessa malakata torbani irratti dubbachuuf jirra. Galma mana barumsaa qabannee turre. Garuu hafuurri qulqulluu sababa wayiitiif akkan kana godhu naaf hin hayyamne. Maaliif jedheen yaade. Kadhannaadhaaf yommuun ol seenaa ture immoo ... haadha manaa kootiin, "ol seenaan jira"n jedheen. Anis garaa koo irraa fudheen Waaqayyoo duratti jilbeenfadhee kadhadhe. Innis Malakanni torban mallattoo ja'affaa jalatti akka dhaga'aman natti argisiise, anis immoo humna olii dhufeen isa lallabee xumureera, ilaalaa. Wanti hundi harka Waaqayyootiin ta'e. Inni Israa'el kan ilaallatudha; mallattoo ja'affaa jalattis fudhanne ilaalleerra, isin warri sana qabdan hundinuu, akkamitti akka Yihudootaa ari'ataman....

20 Barri Ormootaa(Gentiles) ayyaana Pheenxeqosxee kana keessa ture. Malakatoonni—hundi isaanii mallattoo ja'affaa jalatti ni dhageessifamu turan. Dilbata darbe immoo ayyaana malakataa jalatti fudhannee turre, yoo hundi keessan argattaniittu ta'e. Inni maal gochuu dhageessifamee ture? Yihudoota kutaa addunyaa hundumaa irraa gara biyya isaaniitti deebisuudhaaf ariifachiisuuf dhageessifame. Inni achi jiraachuu qaba. Banamuun allattowwanii kan mallattoo ja'affaa ... Makatoonni torban mallattoo ja'affaa keessatti ni dhageessifaman.

Amma, ergaan ergamaa torbaffaa iccitii mallattowwanii banuudha, hojjettoonni Ormoota sa'aatii kudha tokkoffaa mindaa hojjettoonni sa'aatii jalqabaa argatan akka argatan waamuudha. Ilaaltanii? Amma, Yesus isa kana barsiiseera. Namoonni garri kaan gara midhaan sasaabuutti akka seenaa jiran dubbateera. Isaan qacaramanii, yeroo kana godhan—yeroo ganama barii—waan guyyaa sanaaf hojjetaniit horii ni argatu turan. Sana booda walakkaan guyyaatti namni biraa hojiitti seena. Achiis sa'aatii kudha tokkoffaa irratti, sa'aatii dhumaa guyyaa sanaatti, namni kan biraan kaffaltii gosa isa warri sa'aatii jalqabaa guyyaa sanaa kaffalameef fudhatee hojiitti seena.

Isa ergamtoonni sa'aatii jalqabaa Sagalicha qabatanii, wangeelaa qabatanii, dhugaa qabatanii, guyyaa Pheenxeqoosxeetti ol seenanii wajjin attam guutummaatti wal sima. Sana booda bara dukkanaa isaan uggure tokkotu ture. Sana booda walakkeessa guyyaatti Luuter, Wesley fi isaan biroon ol seenan. Achiis ergaan yeroo gara galgalaa jiraachuu qaba, akkasumas waan warri jalqabaa hojjetan sana warri kunis fudhachuu qabu. Ergaan yeroo galgalaa ammas iddootti deebisuudha, waanuma duraa sana deebisee fiduudha.

21 Mul'ata torban darbee isa yeroo misirroon dhuftee darbitee ni yaadattu—yeroo isheen agarsiisa duraatiif dhi'aatte. Achitti misirroon xiqqoo, jaalala qabeettii tokkon mul'ataan arge. Anis—waa'ee isaa yaaduu dhiiseen, achi taa'ee gara alaan ilaalan ture. Kunoos misirroo tokko deemaa as dhufte. Cina kootii immoo sagaleen, "Kun agarsiisa duraa kan misirrottii ti" jedhu nan dhaga'e. Isheenis deemaa dhufte. Akkaataa ishee hubadheen ilaale, isheen baay'ee jaallatamtuu, bareedduu, dargaggeettii turte. Isheen adeemsa simboqabeessa deemaa turte malee utaalaa hin deemne, tarkaanfii dubartii simbo qabattiitiin deemti turte, deemsi ishee baay'ee irraa miidhaga, akka giiftiitti deemti turte. Akkasitti deemaa, gama kanaan, gama gara bitaa koo kanaan deemaa dhufte. Isheenis achumaan ija koo jalaa dhabamte.

22 Ergasii Inni gara mirgaatti na garagalchee, waldaa tokkoon tokkoon isaanii akka isaan baroota keessaa ol ba'anitti natti agarsiise. Oo, akkam nama jibbisiisa! Isheen dhumaa immoo bara waldaa guyyaa dhumaa kana turte, isheenis kan falfalaan (witch) geggeeffamtu ture. Isaanis akkasitti uffata safuu hin qabne kan uffatan turan, baay'ee xuraa'aa fakkaatu turan. Isaan mudhii dhodhommoqsaa gara gosa ragada 'rock and roll' jedhamuutti hiriiraan deemaa turan. Dubartoonni sun immoo of dhodhommoqsuu (twist) keessatti of gatan, waraqaa qabachuudhaan halluu harrii (gray) qabatii turan, baay'ees kan oftuulan, kan itti fafakkeessan turan. Halluun harrii (gray) adii fi gurraacha gidduutti kan argamu yoo ta'u, kunis halluu nama gowwomsu dha. Harriin (gray) adiis gurraacha miti. Halluu gowwoomsaa dha. Akkasumas waraqaa halluu harrrii fakkaatu fuuldura isaanii qabatanii, wandaboo gabaabduu wayii waan akka hidhaa kopheetiin duubatti hidhanii fuuldura isaanii qabatanii turan; mudhii isaanii irraa qabee gara oliitti guutummaatti qullaa turan. Akkasumas of dhodhommoqsaa muuziqaa sanaan dabaalamanii ol deemaa turan. Inni immoo, "Sun waldaa dhaam!" naan jedhe.

Yeroo na bira darbanittis na'een akka nama du'ee diilallaa'e. Ani akkas jedheen yaade, "Yoo sun akka misirrootti Kiristoositti dhiyaachuuf yaalaa jiru ta'e.... Tattaaffii fi wantootni namoonni Kiristoosiif misirroo fiduuf yaaliin godhan hundinuu nama xuraa'aa, xuraa'ummaan manca'e, xuraa'aa akkasiiti ta'e—kun akkas sagaagaltuu fakkaattee misirroo Kiristoos ta'uuf deemtii" jedheen na'e. Onnee koo na dhukkubse!

23 Akkuma isheen darbiteen, erga isheen.... Bakka nuti dhaabannee turre dura dhuftee, waraqicha fuuldura ishee qabataa, dhodhommoqaa, of raasaa, akkuma deemtutti gama tokkoon, achiis gama biraatiin of sochoosaa of agarsiifti turte, isaan shubbisa ammayyaa'oo bara si'anaa shubbisaa, hiriiraan deemaa gocha safuu hin qabne gochaa deemu turan.

Wantoota kanaaf itti gaafatamummaa hin fudhadhu. Ani waanan arge qofa dubbachuun danda'a! Waaqayyo immoo abbaa murtii kooti. Garuu isheen sun waldaa USA irraa dhufe ture.

Amma, yeroo isheen darbitu guutummaan karaa dugda duubaa ishee qullaa ture. Achiis yeroo isheen darbaa jirtu na'een diilallaa'e, nan dhukkubsadhes.

Achii booda Inni, “Misirroon ammas as baati” naan jedhe. Kunoo immoo misirroon tokko ishee duubaan dhufte, misirrottiin misirroo ishee duraan as baate mul'atte sanaa wajjin wal fakkaatti turte. Sana booda misirroon akka jirtu baree onneen koo gammachuudhaan utaale. Isheen immoo waanuma tokko irraa hojjetamte, waanuma isheen jalqaba ture sun uffattu uffatti turte. Isheen waamamuu qabdi. Dhugaan jirus kanuma ta'uu isaa nan beeka. Yoo sun dhugaa ta'uu baate mul'anni ani kanaan dura argadhe hundi dogoggora ta'eera jechuudha. Akkasumas wanta dhugaa ta'e malee wanti biraa tokko illee nutti himamee akka hin beekne eenyullee ni beeka. Inni akkuma jedhametti raawwatama malee....

Egaa xuraa'ummaa waldaa ammayyoofuu ishee waldaa ofiin jettuu arguu dandeessuu?

24 Akkuma namni wayii guyyaa tokko jedheeti, Obboleessi keenya Ruudeel, inni anaaf obboleessi koo gatii guddaa qabudha, inni amma duuba sanaa keenyanitti hirkatee dhaabachaa jira, inni akka nama wayinii xuuxuutti mul'ata arge. Guyyaa tokkos man keessa teenyee mari'achaa turre. Obboleessi keenya Ruddell immoo haala yeroo fi miira hafuuraa waldoota bara har'aa keessatti uumameetti, akkamitti gadi bu'uun akkasii akka uumame irratti miirri isaa jeeqamee ture. Tajaajiltoonni bakka hundumaa irraa dhufanii, gaaffii fi deebiidhaan as ba'anii, “Maaltu ta'e Obboleessa keenya Biraanhaam, maaltu ta'e?” jedhanii gaafatu. Yaa anaa!

Obboleessi keenya Ruudeel, “Isaan hafuura Seexanaatiin jiraachaa jiru moo maal?” jedhee gaafate.

“Lakki, xuuxxuun (suckers) humna muka wayinii irraa argamuun jiraatti” jedheen deebiseef. Ni jiraata, sababni isaas firii qomxaaxxee.... Loomiin muka burtukaanaa irratti ni biqila, garuu jireenya isaatiin isarra jiraatus burtukaana hin godhatu. Waldaan immoo, isheen maqaadhumaaf waldaa jedhamtu, xuuxxuu jireenyaa maqaa amantiin irratti maxxantedha, maqaa waldaatiin itti maxxante dha, Kaatolikii fi Pirootestaantiin xuuxxota Wayinii irraa cimina harkifan, garuu immoo ija ofii isaanii godhatanii dha, sababni isaas isaan hin jijjiiramne (converted). Isaan karoora Waaqayyoo isa jalqabaa isa duraan dursee murtaa'e keessa hin turre. Kanaafidha Dubbicha gananii firii gosa biraa horachuu kan itti fufan. Mukti dhugaan inni hundee dhugaa isaa irra jiru muka burtukaana irratti firii burtukaana akka baasu duraan dursee murtaa'ee ture. Yesuus, “Ani muka wayinii ti, isin damoota koo ti” jedheera.

Mukti sun damee kan biraa yoo baase iyyuu, firii isaa isa jalqabaa in godha. Wantoota kana hundumaas dhuma wayinii sanaa irratti iddootti deebisanii dhaabuun jiraachuu qaba. Iddootti deebisanii dhaabuun (restoration) jiraachuu qaba, ifni galgalaa isa ibsuu fi sirreessuuf bahu qaba. Garuu wayinii keessaa ni ba'a, waldaa amantii isa keessatti grafted ta'e keessaa miti, garuu sanyii jalqabaa kan ta'e Sagalicha irraa ta'a malee. Yeroo galgalaa'etti ba'uu qaba. Yeroo galgalaas'utti ifni ni jiraata. Inni bilchaachuuf ifatu isa barbaachisa.

25 Caaffanni Qulqullaa'aan mudaa kan hin qabne akka ta'e ilaalaa: “Guyyaan halkanis guyyaas hin taane in ta'a.” Fuduraan yoo aduun bilcheesse malee bilchaachuu hin danda'u. Hammam iyyuu yoo lallabde, waanuma fedhe yoo goote bilchaachuu hin danda'u, mul'achuu hin danda'u, mirkanaa'uu hin danda'u —“Ani ifa biyya lafaati, ani Sagalicha” jedhee isa dubbate duwwaadhaan bilachaata. Kanaafuu humni tokko bahuu qaba, bilcheessuuf, yookaan mirkaneessuuf, yookaan dhugaa ba'uuf, yookaan wanti Inni tilmaame guyyaa kana keessatti akka ta'u mul'isuuf Hafuurri Qulqulluun Ofii Isaatii ba'uu qaba. Ifni galgalaa sana ni uuma. Maal yeroon akkasii!

Misirrottiin haala yeroo jalqaba turtee sanaan dhuftee darbite. Garuu toora keessaa ba'uuf utuu yaaltuu, garuu immoo utuu gara toora sararaatti utuu dhiibamtuus ilaalaan ture. Amma, wantoota kana irratti, guyyaa nuti keessa jiraachaa jirru kana irratti waan baay'een dubbatamuu danda'a ture.

26 Amma, Hose'aan 6:1 irratti “Gara Gooftaatti deebi'aa” jedheera. Yaadadhaa, isaan akka faffaca'an dubbate, akkasumas in ta'an. Erga faffaca'anii booda gara Gooftaatti akka deebi'anis dubbateera, Inni—Inni isaan ni hidhe. Hubadhaa. Deebi'uu ... faffaca'uu ... lammaffaa irratti isaan ni tatarsaafaman, ni jaamanis. Wanti sirriitti ta'e kanuma. “Isa nu fayyisa, isatu erbee nurra buusee nuuf hidhas” akkuma Hisqi'eel 37 keessatti, lafee goggogaan, lafti onaa sun lafee goggogaadhaan guutamee ti. Hisqi'eel utuu isaan deebi'anii arge. Ergasii hubadhaa, Hose'aan, “Guyyaa lama booda.... Inni guyyaa lama booda gara isaaniitti ni deebi'a. Inni nu fudhata nuuf kennas—nu dammaqsa” jedhe. Amma, dammaqsuu (revive) jechuun “du'aa ka'uu” jechuu miti. Bakka dammaqsuu jedhu kanaa jecha du'aa ka'uu jedhuun bakka

buusanii itti fayyadamuu tokkotu jira (amma argeen ture), hiikni isaa "dammaqiinsa" kan jedhudha. "Guyyaa lama booda nu dammaqsa." Sunis guyyaa sadaffaatti ta'a ture. "Erga nu facaasee, erga nu jaamsee, erga nu tatarsaasee booda deebi'ee nu simata."

Ni beektu, kaayyoon Yihudoonni akka jaaman ta'aniif nuyi akka arguu dandeenyufi. Isaan akka sabaatti gargar tatarsa'anii kan faca'aniif, nuyi Masihicha akka fudhannuufi, sabni maqaa Isaatiin Ormoota keessaa waamamu akka jiraatuuf Masiihi isaanii ganan.

27 Amma, namichi as ni ba'a, dubartiin immoo maqaa isaa ni fudhatti. Ormoonni jaamoon kun maqaa sana, maqaa Gooftaa Iyyasuus Kiristoosiin cuuphamuu arguu hin danda'an. Innis baay'ee gadheedha, garuu akkas ta'uu qaba. Yihudoonni, isaan ta'uu qabu turan—isaan akka hin argine ta'uu qabu turan. Namani isa arguu danda'u nama tokko qofaadha; innis nama isa arguuf duraan dursee murtaa'edha. Isin nama sana ta'uu baannaan gonkumaa isa hin argitan. Yihudoonni sun Masiihii isaanii ta'uu Isaa arguu hin dandeenye, ta'us garuu hayyoota fi hayyoota ti'ooloojii, hayyoota bebbeekamoo gurguddoo of keessaa qabu turan, Macaafa Qulqulluu isuma isin dubbiftan sana dubbisaa turan. Amma erga nutti beeksisfamee booda Inni Masiihii akka ture ifatti arguu dandeenyeerra. Isaan garuu Isa arguu hin dandeenye. Isaan har'as Isa arguu hin danda'an. Isaan akka jaamamiif raajiin dubbatameera.

Waldaan kiristaanaa bara kana akka jaamtu, jaamummaa isheetiinis ergaa yeroo galgalaa fudhachuu akka diddu raajiin dubbatameera; Mul'atni boqonnaan 3 akkas jedha; "Ati nama gadadamaa, nama namni boo'uufiin ta'u...!" jedha. Haala misirroon halkan biraa keessa turte hubadhaa-ykn waldaan: qullaadha, jaamaadha, akkas ta'uu ishee immoo hin beektu! Gooftaa Yesuus, nutti araarami! Isheen qullaa turte jedha Macaafni Qulqulluu. Hanga yeroo ammaatti hin arginen ture. Waldaan Laa'odiiqeyaa qullaa turte. Isheen yeroo halkan darbe mul'attettis qullaa turte ( qullaa ta'uu ishee immoo if irratti hin barre), qullaa akka taate hin beektu!

28 Oo, akkam haa galateeffannu, akkam.... Akkasitti galateeffachuun keenya nama hin ajaa'ibin. Wantoota Waaqayyo nutti beeksise ibsachuuf galata ga'aa akka hin dhi'eessin jirrutu natti dhaga'ama.

Qul'aadha! Mul'annis akkas jedhe—qullaa akka jirtuu fi akka of irratti hin beekne natti agarsiise. Akkuma Israa'el Ormoonni akka ol galaniif jaametetti isheenis jaamte, amma warri Ormootaas jaamaniiru kanaafis Misirroon waamamtee ni baati, Israa'elis ayyaana malakataa ni ayyaaneffatti. Dhibbaa dhibbatti akksuma in ta'a.

"Inni guyyaa lama booda nu dammaqsa (ykn haaromsa nuuf kenna), walitti nu fida (Yihudoonni amma malakata kanneen irratti dubbataa iru). Innis ni —nuti immoo fuula isaa dura ni jiraanna (ykn jireenya bara baraa ni qabaanna. Argitanii?). fuula isaa duratti in argamna." Macaafni Qulqulluun asitti Hose'aa keessatti, "Nuti immoo fuula isaa dura ni jiraanna ... jireenya ... fuula isaa duratti jireenya ni qabaanna (kun jireenya Ofii Isaati, jireenya bara baraa), fuula isaa duratti jireenya qabaanna" jedheera. Isheen utuu lubbbuun jirtuu gammachuu keessa jiraattu duuteetti. Kanaafis

Inni, Israa'el ammas jireenya fuula isaa duratti akka qabaattuuf kakuu galeef. Isheen dhugaa jiru fudhachuutti duutee jirti, ayyaana Pheenxeqoosxeettiis du'ee jirti.

29 Amma sirriitti hubadhaa. Achiis guyyaa lama booda.... Amma, sun guyyaa sa'aatii digdamii afur keeesa jiru lama jechuu miti, sababiin isaas ture—kun waggoota dhibba hedduu dura kan kan dubbatem waan ta'eef. Argitanii? Gooftaa biratti guyyaa lama booda jechuun waggaa kuma lama booda jechuudha. Amma, yeroo sanaa kaasee hanga har'aatti waggaa meeqa akka ta'e beektuu? Ergasii waggoota 2700 ta'eera, sababiin isaas Hose'aa irraa, Dh.K.D 780 irraa hanga 1964 tti kan jirudha. Ilaalaa, inni waggoota 2700 oliin dura waan ta'edha. Inni, "Guyyaa lama booddee nu dammaqsa, guyyaa sadaffaatti ol nu kaasa; fuula isaa dura in jiraanna"jedhe. Kunoo malakanni keessan dhufaa jira. Innis Sa'aatii nuti keessa jiraachaa jirru, guyyaa nuti keessa jiraachaa jirru dha.

30 Amma egaa, isaan bittinnaa'aniiru, jaamaniiru, deebi'aniis walitti qabamaniiru, guyyaa sadaffaattis dhi'aataniiru. Argitanii? Biyya Filisxeem irraa addunyaa guutuutti faca'anii turan. Masihicha gananii jaamaniiru. Amma immoo biyya isaanii keessatti walitti qabamaniiru, araara sana akka beekaniif malakata hafuufamuuf qophaa'aniiru. Akkuma Macaafni Qulqulluun jedhe, yommuu godaanisa harkaa mismaaraan madaa'ee wajjin waliin Isa arganii simatan (erga waldaan ol fudhatamee booda), "Madaan dhagna keetii kun immoo maal ree?" Isaan in jedhu, Innis "Mana firoota kootiitti madaa'een dhufe" in jedha. Akkasumas tokkoon tokkoon maatii isaanii addaan wal fo'u jedhe, akka maatii ilma isaanii isa tokkicha dhabeetti guyyootaaf boo'anii in watwaatu jedheera. Yaadadhaa, ayyaanni malakataa sun akkas akka godhaniif ba'a ture, jechuunis aarsaa qalameef boo'uuf, gaddanii watwaachuuf ture; isaan garuu fudhachuu didanii turan.

Isaan amma biyya isaanii keessa jiru. Isaan faffaca'anii turan, jaamanii turan—amma garuu walitti qabamaniiru. Mallattoo ja'affaa sana jalatti malakanni torbanuu walitti qabamuu isaaniitiif hafuufameera. Malakanni ja'affaan.... Malakanni torbaffaan sun malakata isa guddaa dha (akkuma Dilbata darbe waliin ilaalle). Malakanni ja'affaan akkuma Mallattoon ja'affaan banameen isa jalatti dhageessifame, wanti

hundinuu yeroo tokkotti raawwate; kan isaanii hunduu yeruma tokkotti wal faana dhaga'ame, nuti garuu waggaa kuma lamaaf ayyaana Pheenxeqoosxee keessa turre.

31 Amma, yeroo sana booda waggaa kuma lamaa fi dhibba torba ... Innis, “Guyyaa sadaffaatti deebinee walitti in qabamna. Guyyaa lama booda guyyaa sadaffaatti deebinee walitti qabamnee fuula isaa dura in jiraanna” jedhe. Kakuu Inni isaaniif gale argitanii? Sa'aatiin qabatamaatti keenyan irratti ilaalamaa jiruun tokkuma. Eessa akka jiraachaa jirru ni argina.

Amma biyya dhaloota isaaniitti ayyaana malakataa eegaa jiru, yookaan araara dhi'aateef beekamtii kennuuf eegaa jiru, dhufaatii Isaa eegaa jir, isa yeroo duraa fudhschuu didaniif gadda ta'uuf biyyatti deebi'aniiru; sanaaf gara biyya dhalootaa isaaniitti deebi'an, qophaa'anii eegaa jiru hundi isaanii ... wanti hunduu bakka bakka isaa qabateera.

Akka tajaajilaa wangeelaatti deemsa misirroo irraan kan hafe wanta hafe tokko illee arguu hin danda'u. Misirroon immoo osoo isaan waan ta'e adda hin baafatin ol fudhatamuu qabdi. Isaan hidhamaniiru, faffaca'aniiru— irran deebi'a, isaan faffaca'aniiru, jaamaniiru, amma garuu walitti qabamaniiru. Maaltu hafe? Misirroon karaa irraa maqfamuu, deemsa misirroo qofatu eegamaa jira, kanaaniins raajonni isaanii warri Mul'ata 11 keessaa gara ayyaana malakataatti akka isaan waamaniif, waan hojjetan akka beekan gochuuf dhufuu qofatu hafe.

32 Yaadadhaa, Mallattoowwan sana gidduutti mallattoo ja'affaan hiikamee, namoonni 144,000 fo'amanii waamananii turan. Akkasumas malakata ja'affaa fi torbaffaa gidduutti, Mul'anni boqnnaan 11 sirriitti mallattoo ja'affaa wajjin wal simuun mul'ata.

Maal gochuuf? Inni maal gochuuf ture? Kunis dhugaa baatota lamaan, Musee fi Eliyaas, raajota sana fiduuf ture; Yihudoonni raajota isaanii qofa amanu waan ta'eef. Isaani mallattoo raajotaa qabatanii ni bahu, hojiin isaaniis hojii raajii in ta'a, sababiin isaas isaan sirriitti waan tokko ni agarsiisu, waan namni tokko yeroo du'u ykn waanuma fedhe yommuu ta'uu ni agarsiisu—yeroo addunyaa kana irraa godaantan uumamni keessan hin jijjiiramu. Amma asitti sobduu taanaan achittis sobduu taatu. Yoo asitti jarjaraa taatan achittis jarjaraa in taatu. Yoo asitti nama waa mamu taatan achittis nama waa mamu taatu.

Yaa dhiirotaa fi dubartootaa yeroon of raaftanii of qorattanii eessa dhaabannee akka jirru yeroon itti ilaalatan amma! Duuti isa hin jijjiiru waan ta'eef.

33 Waggaa kuma lama ta'eera; Museen gara waggaa 2500 ti, Eliyaas immoo—ergasii kaasee—erga Museen du'ee, erga Eliyaas du'ee gara waggaa 2500tti siqa. Kunoo immoo uumamuma duraa qabatanii deebi'anii waanuma duraan hojjechaa turan ni hojjetu. Duuti homaa nama hin godhu bakka jireenya namaa qofa jijjiira malee, uumama keessan hin jijjiiru, amantii keessan hin jijjiiru, bakka jireenyaa keessanii malee isin keessa homaa hin jijjiiru.

Kanaafuu haala uumamaa kamiyyuu keessa yoo jiraattan, ganama kana.... Yoo warra dubbii Waaqayyoo shakkan taatan achittis shakkaa taatu. Hammam qulqulluu yoo taatan, akkaataan itti jiraattan, hammam gaarii yoo taatan ana hin dhibu, du'uun waa xiqqoo illee isin hin jijjiiru, bakka jireenyaa keessan qofa jijjiira. Sagalee Waaqayyoo guutuutti akkaataa barreeffameen asitti fudhachuu yoo diddan achitti fudhachuu hin dandeessan; kanaaf hin yaadda'inaa, asitti hin fudhattan taanaan achitti hin argamtan iyyuu waan ta'eef. Guutummaa isaa, humna mirkanaa'uu isaa fi mul'achuu isaa fudhachuu qabdu; sana booda gara qaama isaa ta'uutti dhuftu. Inni akkuma ganama ayyaana Faasikaatti Sagalee Isaa kaase, yeroo dhufuttis Sagalee Isaa warra ta'an qofa du'aa kaasa. Dubbiin isaa isa ba'e, warra Dubbii isaa keessatti du'an, warra Dubbii isaa amanan fi warra Dubbii isaa mirkaneessan qofa kaasa.

34 Hubadhaa. Egaa sun waggoota dhibba digdamii torba dura ta'e. Hubadhaa, isaan faffaca'anii turan, jaamanii turan, amma garuu walitti qabamaniiru. Amma, wanti itti aanu jireenya argachuu isaniiti.

Ormoonnis ni waamamu. Misirrottiin qophoofteetti. Ol butamuun dhi'aateera. Kana hubachuu ni dandeenyaa? Dhugumatti kana amanuu dandeenyaa? Kan nutti himame oduudhaa? Kan nutti himame sheekkoodhaa? Waan dhugaa fakkaatudhaa? Waan nuti alaan amanuu dandeenyudhaa? Moo waan nu keessa jiru, waan qaama keenya ta'e, waan nuuf jireenya kan caalu ta'edha? Nuyi ganama kana godoo qulqullaa'aa kana keessatti ilaalcha akkamii keessa teenyee jirra? Kan isa fudhatu tuuta muraasa akka ta'u yaadadhaa.

Amma biyya dhalootaatti deebi'anii sagalee malakataa eegaa jiru. Amma Mul'anni 11 akka raawwatamuuf deemsa misirroo eegaa jiru. Barri waldaa dhaabbateera. Wantoota bara waldaa kiristaanaa keessatti utuu hin mikanaa'in hafan banamuu mallattowwanii keessatti mirkanaa'aniiru. Ergaan immoo kennameera. Israa'el bakkatti deebi'aniiru (Halleluyah!), ayyaana malakataatiif qophaa'anii jiru.

35 Oo, isin namoonni biyyoota biroo teessanii teeppii kana dhaggeeffattan, hirribaa dammaquu hin dandeessuu obboleessa koo? Moo ni jaamtan? Biyya lafaatiin, yeroodhaan, namootaan, akkasumas Hafuura Qulqulluu isa isa barreesseen qabatamaatti fuula keessan duratti yeroo mirkanaa'u gadi darbattanii gattanii raajii sobaati jettuu? Uumamaan, foonii fi hafuuraan mirkanaa'eera. Wanti Inni

dubbate hundinuu raawwatamee mirkanaa'eera.

Israa'el biyya ishee keessatti deebiteetti; achitti isaan oofee, akka hoolaa achitti isaan tiksee. Yeyyiwwan ishee duukaa bu'anii gara lafa ofii isaaniitti galchanii ishee biraa deebi'aniiru. Israa'el biyya ishee keessa hamma jirtutti qofa akka eebbifamtu kakuu akka qabdu yaadadhaa. Waaqayyo biyyaa isheetiin alatti Israa'el gonkumaa hin eebbisu. Abrahaam biyya isaa keessa ba'ee dheekkamame. Namni biyya isaa keessaa ba'u hundi ni dheekkamama. Waaqayyo Israa'el kan eebbisuu yeroo isheen biyya ishee keessa turtu qofa. Ammas akka sabaatti achi jirti. Waldaan immoo waamamteetti. Isheen butamuu misirroo qofa eegaa jirti.

Mallattoowwan banamaniiru. Inni nutti mul'ifameera. Waan isaan hambisan ni argina. Isin warri waa'ee sanyii bofaa, waa'ee cuuphaa bishaanii fi kkf irratti falmuu fi jeequmsa uumuu barbaaddan, isin jaamaadha akka jaamaa taatan immoo hin beektan. Waaqni biyya lafaa kanaa isin jaamseera, isin immoo hin beektan. (Hin dinqifatinaa, ganama kana yeroo akkasii qabaadheen dhiibbaa isaan nurraan ga'an ofirraa lolaa ture.)

Kanaaf raajonni isaanii guyyaa dhumaa kana keessatti mul'achuu danda'u. Karaa malakataa ... hanga ayyaana malakataa sanaatti gochuu hin danda'an.

36 Inni karaa Hose'aantiin, “Ani sin qiqqirixe [Amma eegaa asitti, Inni Israa'elii wajjin haasa'aa jira.]—Ani sin qiqqirixe....” jedhe. Jecha biraatiin, “Ani sin qexa'e (chopped)—karaa raajotaa isaan qeqqexa'e” jedhe. Waaqayyo saba isaa akkas godha. Isaan qiqqirixee saboota kaan keessaa isaan baase. Maliin isaan qiiqqirixe? Bilaa karaa lamaan qaramaa isa ta'e Dubbii isaatiin isaan qiqqirixe. Isaan, saba isaa saboota kaan irraa qexa'e. Inni saba isaa saboota irraa raajota isaa warra Dubbii isaa isa mirkanaa'ee ta'aniin mumure. Akkasumas guyyaa dhumaatti Dubbii Miilkiyaas 4 keessatti abdachiifameen misirroo isaa waldoota amantii irraa ciree jira. Misirroo isaa qeqqexa'ee waldoota hafan irraa ishee qiqqirixee, misirroo isaa isaan irraa murera.

37 Inni raajota isaatiin isaan qiqqirixe—raajota isaatiin, Dubbii afaan isaa keessaa ba'uun Israa'el ni qexa'a. “Hundumaa isaanii irraa adda of baasi.”

Mee ilaalaa yeroo isaan akka warra kaaniitti socho'uu barbaadanii gara raajii Saamu'eel dhufan. Innis, “Ani horii keessan fudhadhee beekaa? Maqaa Gooftaatiin isinitti dubbadhee wanti hin raawwatamin jiraa?”isaaniin jedhe.

Isaanis, “Lakki sirriidha, garuu nuyi amma iyyuu mootii barbaanna” jedhan.

Waldoonni akkasuma godhaniiru. “Oo, nuyi Dubbicha ni amanna. Hundi isaa sirrii dha; garuu ni beekta, kana gochuu qabna jedhu.” Wanti isaan jedhan dhimma koo miti, Dubbichatu sirrii dha.

Eegaa jiru. Inni karaa raajotaa qeqqexa'ee isaan baase.

Sa'aatiin meeqa obboleessa? Sa'aatiin meeqa yaa tajaajilaa? Sa'aatii guyyaa fi milikkita jala jiraachaa jirtan argaa jirtuu? Isa hubachuu dandeessaniittuu? Isa argitaniittuu?

38 Amma bakka hundumaatti haaromsi hin jiru. Hunduu wal komachaa jira, tajaajiltoonni boo'aa jiru. Gaazexaa beekamaa gara waldaa kanaa dhufu keessaa tokko dubbisaan ture, gaazexaa baay'ee gaarii ta'edha. Gulaalaa isaas nan beeka, namoota sanas nan beeka. Isaanis namoota Waaqayyoon sodaatan, Obboleessi fi Obboleettii keenya Mooreen gulaaltonni gaaexaa 'Herald of His Coming' namoota baay'ee gaarii ta'ani dha, gaaexaawwan dirree irratti argaman keessaa hunda caalaa gaarii kan ta'e 'Herald of His Coming' dha. Garuu waa'ee, “Soomaa, kadhadhaa, soomaa, kadhadhaa! Malakata dhageessisaa! Ka'aa....” jedhu malee waan biraa maxxansuu hin dandeenye. Mee nama meeqatu dubbisa? Ni beektu, isin yeroo hundaa ni argitu. “Soomaa, kadhadhaa, soomaa, kadhadhaa!” Kana qofa kan dhageessan. “Soomaa, kadhadhaa! Guyyaa boqonnaa guddaa itti argannu qabaachuuf jirra! Wanti guddaan ta'uuf deema! Hundi keessan kadhadhaa, kadhadhaa, kadhadhaa! Ammallee nutti hin barfanne!”

Isaan maaliif akkas godhu? Maaliif akkas godhu? Isaan dammaqiinsa guddaa barbaadu. Ni ammaqna jedhanii waan amananiif boo'aa jiru. Isaan namoota gaarii dha. Maaliif ta'e? Maal godhan? Isaan dammaqiinsa misirroo hin beekne, ilaalaa. Kiristaana ta'uu isaaniitn miirri harkifama sa'aatii kanaa isaanitti dhaga'ama, garuu waan hohojjetame hin beekne. Kanatu akkas akka isaanitti dhaga'amu godhe. Wanti tokko ta'uu akka qabu ni beeku; garuu ilaalaa, isaan gara fuulduraatti fageessanii barbaadaa jiru, inni garuu duraan dursee isin biratti raawwateera.

Sun waanuma isaan bara durii hojjetanii wajjin tokko. Isaan Masihiin akka dhufu ni amanu turan. Nama dursee dhufudhaan karaa qaqqajeelchu akka dhufu ni amanu turan. Inni isaan bira ture, isaan garuu isa hin beekne. Isaani isa hin barre. Isaan Masihicha dursee dhufee karaa Isaaf kan qulqulleessu akka dhufu amanu turan. Isaan garuu mataa isaa irraa muranii Masiihichas in ajjeesan, sababiin isaas isaan akka jaamaniif raajiin waan dubbatameefi. Hose'aan akkas jedhee dubbate.

39 Hafuura isuma karaa Hose'aa dubbatetu karaa Yohaannisis dubbatee, waldaan bara dhumaa kun qullaa fi jaamaa akka taatu, waldaa keessaas alatti akka gadi Isa baaftu dubbateera. Isaan raawwatamuu dubbii raajiiwwan sanaa raawwatamuu arguu hin dandeenye. Garuu achi keessa ta'uu isaaniitiin waan tokko ta'uu akka qabu ni hubatu. Isaan isa hin argatan qofa. Isaan isa hin hubatan. Laa'odiiqeyaan jaamte kun akkuma Yihudoota bara durii taate—badhaatuu, ti'ooloojiin guutuu, waldaa wajjin diinummaa, ergaa irratti diinummaa! Yihudoonni sun Yohaannis wajjin hammam diinummaa akka qaban ilaalaa. Mee ilaalaa, yeroo Inni nama isaan dhimmanii eegaa turan ta'etti hammam Yesusiin diina akka godhatanii turan.

Fiyuuzii gubne natti fakkaata. Sun immoo waraabbii teeppii addaan kuta jedheen yaada. Addaan hin kutu. Tole.

40 Ergaa kana irratti diinummaa qaban....

Wanti ta'u ... akka malee dabalaa deema.... Tokkoon tokkoon keessan yuunitii hoo'inaati. Guutummaatti waldaa haala normal ta'een eeguuf karaan isaa hin jiru—yeroo kanatti, sababni isaas ilaalaa, ho'i tokkoon tokkoon keessanii 98 BTUdha, kan nama noormaalii. Isin immoo yuuniitii sana qofa qabattanii taa'uu hin dandeessan; walitti fufiinsaan ho'a gara alaatti maddisiisaa jirtu. Amma bakka kana qabaneessuuf qilleensi ga'aan as jira, garuu yuunitiin hoo'isaa gara waan ol ka'aa deemeef kana gochuu hin dandeessan.

Hubadhaa. Diinummaa, amma garuu akkuma Yihudoota durii jaamaniiru; isaan Laa'oodiiqeyaa keessa jiru. Isaan qullaa, gadadamoo, nama namni boo'uufin ta'udha, kana ta'uu isaanii immoo hin beekan. Barichi bara badhaadhinaati, bara barsiisa ti'ooloojii guddaati, bara barnoota gurguddaati, amma immoo ergichatti diina ta'aniiru. Akkuma bara Yesus namni Naazireet lafa kanarra turee sanatti, ergicha keessaa waan tokko illee fudhachuu hin barbaadan.

41 Sababni namoonni bara Nohi doonii keessa hin seenneef—sababni isaa ergaa sanas ta'e ergamaa sana gonkumaa waan beekuu dhabaniifi. Sababni isaan badaniif kana qofa, isaan sa'aatii keessa jiraachaa turan sana waan hin beekneefi. Waaqayyo akkataa kakuu galeetti cubbuu akka ilaalu isaan hin hubanne. Namoota lafa irraa balleessa ture. Inni raajii dubbatee ture. Inni waan dubbate in raawwate. Har'as akkuma yeroo sana godhe ni godha.

Garuu sabni sun, Nohitti faara tolaa agarsiisuu mannaa.... Akka bineensa namaatti ilaalamaa ture. Isaan raajii ta'uu isaa hin amanne. Ni beektu, bara Nohitti akkam akka isatti qoosan, inni finxaalessa jedhanii ittiin jedhanii, waana kana caalaas akka isaan jedhan Yesus ofii isaatii dubbateera. Isaan garuu sa'aatii isaanii hin barre. Isaan guyyaa sana hin beekne. Isaan mallattoo sana hin beekne. Isaan ergaa sana hin beekne. Isaan ergamaa sana hin beekne, isaan of gidduu isa kaa'anii itti kolfan. Yesuus, “Akkuma bara Nohi....” jedhe.

42 Israa'el biyya ishee keessa jiraachuu fi wanta amma raawwatame hundumaa wajjin, ergchi immoo guutummaatti gara keessatti socho'aa jira, guyyaa akkamii keessa jiraachaa jirra obboleessa? Eessa jirra?

Isaan guyyicha hin beekne. Isaan isa hin beekne. Sababni isaan jala darbeef kanumaafi, waan hin baruu dadhabaniifi. Isaan akkuma guyyichaa turan—isaan hamma tokko akkuma namoota har'aa kana turan, isaan ragaa saayinsiitiin, sirna barnootaatiin fi seeminaariiwwan ti'ooloojiitiin jaamaa turan. Wantootuma guyyaa sanatti isaan jaamsantu har'as isaan jaamsuutti jira. Inni ammas isaan jaamseera.

43 Akkasumas, gadi of deebisuu (simplicity)—gadi of deebisuu ergichaa fi ergamichaa.

Nohi nama saayinsii hin turre. Inni nama barate hin turre. Qonnaan bulaa hiyyeessa, gad of deebisaa, ergaa salphaa kan of harkaa qabu ture. Barnoota isanii isa olaanaa duratti inni baayyee salphaa ture. Har'as akkasuma. Waaqayyo yeroo hundumaa namoota Isatti amananii fi isatti amanan argachuuf salphaa isa taasisa. Innis adda, inni ergaa addaati, garuu Waaqayyo tokkichuma. Akkasumas akka itti amantanii fi Waaqayyo akka dubbate akka hubattan nan barbaada.

Yesuus raajii isaa kan ture Nohitti akka qoosan dubbateera. Guyyaa sanatti akkuma qoosan, guyyaa deebi'ee dhufuu isaattis in qoosu. Isaan akkasuma in godhu. Sababiin Fara'oon galaana keessatti liqimfameef kanuma. Inni gonkumaa guyyaa isaa adda baasee hin beekne. Inni gonkumaa waan deemaa ture adda baasee hin beekne. Inni argannoo saayinsii bara isaa keessatti galmaa'een gar malee ol of qabee dafqa garbootaatiin magaalota ijaaruuf ture. Innis baay'ee—inni carraa argatetti akka hin fayyadamneef baay'ee 'busy' waan of godheef, ergamaa raajii Waaqayyoo gara lafa onaatti qajeelche. Innis isa hin beekne; kanaafidha sababni wantootni akkataa isaan godhanitti deemaniif. Inni gonkumaa adda baasee hin beekne. Utuu Sagalee Waaqayyoo isa saba sanaaf abdachiifame qofa beekeera ta'ee silaa hin badu ture.

44 Waldoonni bara har'aa osoo beekanii, waldoonni sagalee Waaqayyoo isa sa'aatii kanatti sabaaf kakuu waadaa gale qofa osoo beekanii silaa hin badan! Ameerikaan heera mootummaa ishee isa qopheessite qofa osoo beekuu dandeessee, silaa Macaafa Qulqulluu manneen barnootaa keessaa baasuudhaaf,

maqaa Waaqayyoo saantima ishee irraa haquudhaa fedhii hin qabaattu turte, silaa amanamummaaf kakuu Waaqayyoof galtee turte hin cabsitu turte. Garuu isheen isa hin beektu. Maalif? Isheen jaamadha qullaadhas. Isheen dhiiga ijoollee dhiiraa qaalii carraa kana fiduuf dirree irratti du'an sanaa yaadachuu hin dandeessu. Isaan dagatamaniiru; isaanis biyyoo lafaati.

45 Garuu inni dhiiga raajotaa isa dhangal'e—yaadatu jira, gatii wangeela har'aa kana nuuf fiduuf kaffalame, akkamitti akka namoonni kumaatamaan lakkaa'aman leencotaan nyaatamanii boollatti akka darbataman, akkamitti akka cicciraman, akkamitti akka gubaman, akkamitti akka fannifaman inni yaadatu jira—Waaqayyo ni beeka. Waldaan kiristaanaa raajota isaanii dagataniiru; isaan kana booda isaan hin barbaadan; isaan hin barbaannu jedhu. Waaqayyo garuu isaan qabaachuu akka qabu ni beeka. Inni Dubbii isaatiin saba isaa ni qiqqirixa. Guyyaa kanatti garuu isaaniif wanta garmalee yeroon irra darbedha. Isaan isa hin beekan. Haala isaan keessa jiraniif sababa kan ta'es isuma kana. Kanaafidha qullaa, gadadamoo, jaamaa, nama namni boo'uun ta'uuf kan ta'anii fi akkas ta'uu isaaniis kan hin beekneef; sababiin isaas isaan sa'aatii nuti keessa jiraachaa jirru kana waan hin beekneefi. Isaan isa hin hubatan.

46 Museen, abdiin dubbii Waaqayyoo guyyaa sanaaf kenname sirrii ta'uu isaa yommuu arge, guyyaa isaatii fiwaamicha isaa in hubate. Inni yericha hubatee, eenyu akka ta'ee fi Sagalee abdachiifameen maal gochuu akka qabu hubate. Kanaafis waan namni kamuu dubbatu hin sodaanne. Luboonni hunduu, Fara'oon hundinuu, wanti hundinuu, aangoon hundinuu isa waliin walii galuu didanis inni ergaa isaatti hin qaanofne. Garuu ifa sana, utubaa ibiddaa bosona keessatti fannifame sana yommuu arge in hubate, Dubbii guyyaa sanaaf abdachiifame itti dubbatee, "Ani akka deemtuuf si waameeraa deemi" ittiin jedhe. Inni dorsiisa guddaa mootichaa hin sodaanne. Akkaataa kakuu Dubbiin Waaqayyootti saba sana basuuf gadi bu'e.

47 Abdichi dhugaatti mirkanaa'uu isaa argee sabni sun akka ba'uuf qopheesse. Yoom? Abdiin Waaqayyoo sirrii ta'uu isaa yeroo argetti. Ti'ooloojii isaa fudhatee akka fiige yaadadhaa; leenjii fudhate qabatee fiige. Garuu Dubbiin Waaqayyoo mul'achuu isaa yeroo argu, "Ani isa jiraataa dha" jedhee mirkaneessuu isaa arge, sana booda wanti namni biraa jedhu dhimma isaa hin turre. Waan Fara'oon isa gochuu malu hin sodaanne. Warri kaan maal akka isa godhuu malan hin sodaanne. Tarii Waaqayyoon karaa dogoggoraa hubachuun danda'aa laata jedhee Waaqayyoon sodaate ykn karaa hin beekamneen Waaqayyoon dogoggoraan hubachuun danda'a laata jedhee Waaqayyoon sodaate malee namootaa fi waan isaan jedhan ykn namoonni maal akka hojjetan hin sodaanne. Inni Waaqayyoon kan sodaate, erga sagalee Waaqayyoo ta'uu isaa hubatee booda ture.

48 Namni akka isaa akkamitti akka achitti gad ergamu inni hubachuu hin dandeenye. Garuu Dubbii mirkanaa'een maal akka ta'e erga of baree booda abboommii mootichaa hin sodaanne. Utuu adda baaftanii beektanii! Har'a nuyi utuu adda baasuu qofa dandeenyee! Museen kan hubate yeroo Sagalee mirkanaa'e argetti ture, sabni sun akka ba'uuf qajeelfamni qophaa'ee mirkanaa'aa ta'uu isaa arge.

Hojii Waaqayyoo akka ta'e Iyoob gonkumaa hin barre. Sexanni yeroo tokko tokko qormaanni isin keessa darbitan adaba Waaqayyoo akka ta'etti isin amansiisuu hanga danda'utti.... Waaqayyotu waan ta'e tokko isatti mul'isuu barbaade. Iyoob hanga akka Musee mul'ata argutti gonkumaa adda baasee hin beeku ture. Museen mul'ata, utubaa ibiddaa wuuxxii qoraattii keessa jiru yommuu argetti, ni mirkaneeffate. Iyoob gaaffii isaa keessatti: "Namni erga du'ee deebi'ee in jiraataa ree? Muka du'ee deebi'ee jiraatu nan arga, daraaraa du'ee deebi'ee jiraatu nan arga. (Gaaffi isaa sana ture.) Namni garuu in du'a in badas, erga hafuurri keessaa yaa'ee, egaa namni eessa jiraree? Dheekkamsi kee hamma darbutti, iddoo lafa jalaa keessa utuu ana dhoksitee, akkan hin argamnes utuu gootee, yeroo muramaa laattee utuu ana yaadattee, attam gaarii dha!" Daraaraan tokko du'ee deebi'ee akka jiraatu, baalli muka irraa bu'ee, irraa kufee, lafa ciisee, waqtii gannaa keessa deebi'ee akka latu inni hubachuu hin dandeenye. Innis, "Namni erga du'ee deebi'ee in jiraataa ree?" jedhe. Waaqayyoon nan amana; nama garuu maaltu mudata?

Garuu sana booda gaaf tokko qaqawweessi balaqqeessa'uu jalqabe, duumeessi roobaa gungumuu jalqabe, Hafuurri raajii isarra bu'ee, nama cubbamaa irra harka isaa kaa'uu akka danda'uu fi Waaqayyo qulqulluun karaa riqicha isa godhachuu akka danda'u dhufaatii isaa arge. Achiis iyyee, "Furtiin koo jiraataa akka ta'e nan beeka! Gogaan dhagna kootii ana irraa qunca'ee, foonis dhagan koo irra hin jiru yoo ta'e iyyuu, ani Waaqayyoon arguuf jira!" jedhe. Du'aa ka'uun maal akka ta'e hubate.

49 Bala'aam hanga harreen afaan haaraa dubbatutti ergamaa sana gonkumaa hin beekne. Bala'aam akka ergamaan tokko karaa isaa dura dhaabbate beekuu hin dandeenye. Lallabaan jaamaa ta'e sun kennaa isaa qarshiidhaan akka hin gurgurre gochuuf karaa irra kan dhaabate Waaqayyo ta'uu isaa beekuu hin dandeenye. Harreen afaan namaatiin yommuu dubbatte, sana booda Bala'aam ergamaan karaa isaa dura dhaabatee waan inni hojjechuuf jedhu akka hin hojjenneef isa dhowwuuf yaaluu isaa hubate.

Oo, yaa waldoota (denominations) jaamaa, Waaqayyo harree dubbachuuf afaan hin qabnetti fayyadamee tajaajilaa tokko akka inni karaa irraa gore itti mul'isuu yoo danda'e, namatti fayyadamee immoo akkasuma hojjechuu hin danda'uu ree? Namoota jaamaa nana.

Ahaab osoo bara isaa beekeera ta'ee, Dubbii Waaqayyoo isa abdachiise osoo beekeera ta'ee, silaa Mikaayaas raajicha gonkumaa hin balaaleffatu ture.

50 Ahaab guyyaa sana yommuu achi dhaabbate, innii fi Yoshaafaax.... Yeroo raajonni dhibba afur ala turan, "Ol ba'i, wanti hundi gaarii in ta'a. Ahaab ati cubbuu keessa jiraachaa jirta. Waldaa amantii guddaa nu gooteetta; nuti saba guddaadha; nuti tajaajila guddaadha. Kunoo as jirra; nuti luboota leenji'an dhibba afuridha-ykn raajota leenji'an. Dubbii Waaqayyoo fi ti'ooloojii irratti namni dhibbi afur leenjifamneerra. Waa'ee isaa hundamaa ni beekna,'' jedhanii rajii yommuu dubbatan, waa'ee isaa guutumaan guutuutti akka isaan hin beekne mirkaneesse.

Namichi dhaloota isaanii dura ture kan isaan maraataa jedhanii waaman, Eliyaas, raajii Waaqayyoo isa dhugaa kan ture, "Gooftaan akkas jedha, saroonni dhiiga kee ni arraabdu Ahaab!" jedhee raajii itti dubbate. Argitanii?

Garuu luboonni sun, raajonni namn-tolcheen, waan hundaa sirritti waan sirreessan itti fakkaate. Isaan, "Abbaa keenya Abrahaam—ykn Abbaa keenya Ahaab, ol ba'i, Gooftaan si wajjin jira. Caaffata Qulqullaa'oo keessa akkuma jiru, Waaqayyo biyya kana Israa'eliif dabarsee kenneera. Lafichi kan Israa'eliiti. Ka'ii ol ba'i, Gooftaan si wajjin jiraa" jedhanii raajii itti dubbatan. Oo, yaa anaa!

51 Yooshaafaax garuu akka Ahaab cubbuutti hin makamne, inni waan xiqqoo adda ta'e arge. Innis, "Namni kan biraa hin jiruu?" jedhe.

Innis, "Asii nama tokko qabna, ani garuu isa nan jibba" jedhe. Argitanii? Waaqayyo maal hojjechaa ture? Ammas raajiidhaan saba Isaa qeqqexa'aa ture. "Ani isa nan jibba. Yeroo hunda na balaaleffachuu qofa malee homaa hin godhu. An nama guddaa akkan ta'e ni beekta. An osoon amanaa guddaa ta'uu baadhee seeminaarii kana asii hin qabaadhun ture. An namoota leenjii gaggaarii qaban qaba. Kana barsiisuuf kitaabota, Macaafa Qulqulluu, fi waan hundumaa wajjinan achi isaan kaa'e. Namoota gurguddoo ta'uu isaaniis nan beeka" jedhe. Garuu Ahaab namni sun eenyu akka ta'e qofa osoo adda baafate ta'ee, namichi hiyyeessi xiqqoon moofaa ittiin miilla haxaawatan fakkaatu kun, ilmi Imlaa, achi dhaabatee "Gooftaan akkas jedha" jedhee itti dubbate sana utuu fudhateera ta'ee, silaa dogoggora du'a fidu isa hojjete sana gonkumaa hin hojjetu ture. Inni garuu Mikaayaasiin in balaaleffate. Inni gonkumaa hin goone....

Oo, yaa saba nana bara keessa jirtan kana adda baafadhaa! Mee waan ta'e ilaalaa. Mee ilaalaa waan kakuu galame. Guyyaa keessa jiraachaa jirtan adda baasaa.

52 Waldaan dhaabbilee amantii har'aa maaliif akka balaaleffatamaa jiranii fi miseensonni isaanii maaliif akka isa yeroo Israa'el biyya Gibxii keessaa ba'aniitti isaan jalaa baqachaa akka jiran utuu hubachuu dandeessee, waldaan dhaabbilee amantii (denominations) teeppiiwwan sana balaaleffachuu dhiisanii utuu dhaggeeffataniiru ta'ee.... Isin yaa lallabaa nana, yaa isa teeppii kana dhaggeeffattuu, itti fufii dhaggeeffadhu. Osoo sa'aatii keessa jiraachaa jirtan qofa adda baastanii beektanii, utuu mallattoo yeroo kanaa qofa adda baaftanii beektanii, silaa sabni maaliif akka waldaa amantii isaanii dhiisee irraa baqatu ni argitu turtan. Hafuurri Gooftaa waamaa jira.... "Abbaan koo yoo isa harkise malee, namni tokkollee gara koo dhufuu hin danda'u. Warri Abbaan yeroo darbe keessa naaf kenne hundinuu, gara koo in dhufu" jedhe Yesus.

53 Akkuma dubartii xinnoo boolla bishaanii bira turte sanaa fi lubicha sanaati; isaan akkam garaagara turan. Har'as barreeffamni harkaan barreeffame keenyan irra jira. Isaan isa ni ilaalu garuu hin argan.

Yihudoonni mallattoo Masihii isaanii isa abdachiifamee akka raajiin isaanii inni dhumaa dubbatee qofaatti osoo beekanii eeganiiru ta'ee silaa hin dheekkamaman turan; Miilkiyaas 3 irratti "Kunoo, ani ergamaa koo isa karaa anaaf qopheessu of dura nan erga" jedheera. Isaanis Isa barbaadaa akka jiran himataa turan. Maal—maal wanti akkas wanta guyyaa har'aa wajjin wal fakkaatu.

Waan ta'e tokko akka ta'u eegaa akka jiran himatu. Manneen amantaa hundinuu soomaa, kadhachaas, "Amma, mee haa kadhannu. Mee Walitti haa dhufnu. Waan guddaa tokko qabaachuu qabna. Wanti guddaan tokko akka ta'uuf jiru ni beekna; waldaan qophaa'uu qabdi" jechaa jiru. Wanti isaan kadhachaa jiran waa'ee kanaati.

54 Isaan waa'ee kanaa kadhachaa turan. Kunoo Yohaannis cuuphaan immoo achi dhufe. Seeminaarii isaanii waan dideef, waan abbootiin isaanii barsiisan faallaa waan hojjeteef.... Inni barumsa tokko illee utuu hin qabaatin lafa onaa keessaa as ba'e. Innis akka isa bara har'aa jedhamu, koolarii (collar) isaa osoo gara hin galchin as ba'e. Inni tuuta ti'ooloojii guddaa tokko malee as ba'e; garuu kakuu Waaqayyootiin Masiihicha labsuu akka qabu beekee dhufe. Inni, "Inni ammuma iyyuu isin gidduu dhaabatee jira" isaaniin jedhe. Isaanis inni mana barumsaa isaanii irraa waan hin dhufneef maraataa isaanitti fakkaate. Barreeffamni harkaan barreefame sun keenyan irra ture, isaan garuu isa hin beekan turan. Namni akkasii akka dhufuuf jiru isas eeggachaa akka jiran himatu; Inni immoo achuma isaan gidduu ture; isaani Isa barbaadaa akka jiran haa himatan malee Isa baruu hin dandeenye.

55 Warri Ormoota biyya lafaas akkuma Yohudootaa turan, sababni isaas waanuma wal fakkaataa akka ta'uuf raajiin dubbatameera.Isaan Isa barbaadaa akka jiran himatu. Garuu waldoonni amma bara Ormootaa Laodiqiyaa keessa jiran akkuma isaanii jaamaa dha. Sababni isaas maaliif? Akkas akka ta'an raajiin dubbatameera. Raawwatamuutu irra jira.

Israa'eloonni mallattoo isaanii qofa adda baasuu osoo danda'anii, silaa yeroon Masiihichi itti mul'atu akka dhihaate ni beeku turan. Osoo beekanii....

Bartiinni Yesuusiin, "Barsiisonni seeraa maaliif dursee Eliyaas dhufuu qaba jedhu?" jedhanii akka gaafatan ni beektu.

Yesuus immoo, "Eliyaas duraanuu dhufeera, isaan garuu isa hin beekne. Inni duraanuu as ture, isaanis durraanuu isa ajjeesaniiru. Isaan waanuma Caaffanni Qulqullaa'oon akka isaan hojjetan dubbate hojjetaniiru.

56 Utuu finxaaleyyiin waan dachaan hojjetan hunda balaaleffatanii, silaa waan hojjetaa jiran hunda ni balaaleffatu turan,utuu hubatanii silaa...." Inni, "Isin fakkeessitoota nana, hin jalqabinaa.... Isin yaa bofa hafaa jalaa, isin ijoollee mar'ataa nana, dheekkamsa isinitti bu'uuf jiru jalaa akka baqattaniif, eenyutu isin yaadachiise? Garaa keessan keessatti, 'Abbaan keenya Abrahaamiidha; kana, sana ykn isa kaan qabna' jeattanii kan galtan isinitti hin fakkaatin, sababiin isaas, Waaqayyo dhagoota kanattii Abrahaamiif ijoollee kaasuun akka danda'u isinitti nan hima" isaaniin jedhe.

Manni maree addunyaa harka koo keessa jira jettee yaaduu hin jalqabiin, miseensota uffata gaggaarii uffatan kan.... Waaqayyo hantuuta daandii bukkee yaatu fuudhee ijoollee Dubbii Isaa raawwattu godhee kaasuu danda'a—sagaagaltoota, ejjaaf warra daandii irra asiif achi yaa'an , machooftuu fi qumaara taphattuu fuudhee kaasuu danda'a. Innis kana gochuu ni danda'a; Inni ammallee Waaqayyodha.

57 Manneen amantii jaamaan akkuma Israa'el jaamte jaaman, lamaan isaanii iyyuu akkas akka ta'niif raajiin dubbatameera. (Hanga bakkan amma ga'uuf barbaadu ga'utti wal bira qabeen isinitti agarsiisaa deema.) Akkuma waldoonni Ormootaa bara Laa'odiiqeyaa har'aa jaamaa ta'an, akkuma yeroo sanaa har'as jaamaa ta'aniiru.

Barri Laa'odiiqeyaa ergaa ni argatu jedhamee dubbatameera; Miilkiyaas 4 irratti akkas jedhe. Isaan garuu maal barbaadaa jiru? "Waldaan keenya isa ni omiishti. Karaa keenya, karaa Baaptisitootaa, karaa Pirisbiteriyaanotaa, karaa Assembilii(Assemblies), karaa Waanneesii (oneness) ykn kan—yoo kan nuti qarree qopheessinu hin ta'in, inni dhugaa miti" jedhu. Kunis isaan guyyaa sanatti hojjetaniin tokko. Innis dhufee darbe, isaan garuu isa hin beekne. Jechi tokko utuu hin hafin hunduu ni raawwatame, isaan garuu hin beekne. Yesus, "Isaan waanuma barbaadan isarratti raawwata. Ilma namaa irrattis akkasuma in raawwatu. Isa tuffachuuf jiru" jedhe.

58 Amma hubadhaa. Bara Ormootaa kanattis akkasuma ta'a, akka Caaffata Qulqulla'aa isa Miilkiyaas 4 keessatti abdachiifametti Yesus, "Caaffanni qulqullaa'aan hundinuu hafuura qulqulluudhaan kan barreeffame si'a ta'u, wanti tokko illee raawwatamuu irraa dhorkuu hin danda'u" jedheera. Caaffanni Qulqullaa'oon akka hin raawwatamne karaan itti dhorkan hin jiru; hunduu raawwatamuu qaba. Inni akka raawwatu immoo Yesuus dubbateera. Kunoo immoo akka inni raawwate argineerra. Ni argina.

Maal iddootti deebisee dhaaba? Bara dhumaa kana keessatti.... Isin obboloonni waldaalee amantii (denominational) dhaggeeffadhaa. Ayyaana Pheenxeqoosxee isa jalqabaa iddootti deebisa, akkuma isa jalqaba irratti tureetti deebisa; akkasumas osoo ayyaanni malakataa inni kan Israa'el hin dhaga'amin iddootti deebi'a, iddootti deebi'ee dhaabbachuu qaba. Wanti hojjetamu jiraachuu qaba. Miilkiyaas 4 keessatti amantii abbootaa gara ijoolleetti akka deebisu dubbateera. Silaa maaltu ta'a ture....

Israa'el Masihii isaanii, mallattoo kakuu isaaniif galamee utuu beekaniiru ta'ee, silaa bakka har'a jiran hin ga'an turan. Isaan osoo.... Garuu isaan maaliif sana hin goone? Waan nama gaddisiisudha. Isaan maaliif sana hin goone? Sababni isaas isaan sana hin raawwatan jedhee Waaqayyo waan dubbateef. Mee nama meeqatu sana amanu?, "Ameen" jedhaa. Isaan isa hin godhan jedhe Waaqayyo. Waaqayyo isuma sanatu bara waldaa Laa'odiiqeyaa keessattis kun ni ta'a jedhee dubbate; kunoo immoo isaan dura jira. Isa hojjechuu malee akkamitti waan biraa hojjechuu danda'u?

59 Mallattoo Masihicha isa abdachiifamee, mallattoo ilma namaa qofa osoo beekanii! Inni maqaa Ilma namaatiin dhufa. Amma, Inni maqaadhaan bara Pheenxeqoosxee keessa ture, Hafuura Qulqulluudhaan, Ilma Waaqayyootiin ture. Amma, wanti itti aanu barkumeedha, yerositti Inni Ilma Daawit ta'a. Ilma Sadii—Waaqayyo tokkicha. Abbaan, Ilmi, Hafuurri Qulqulluun tokkuma; Waaqayyo tokko. Ilma Daawit, Ilma Waaqayyoo—Ilma Daawit, Ilma namaa, Ilmi Waaqayyoo yeroo hundumaa Waaqayyo tokkicha (same), hojii waajjira adda addaa sadii keessatti hojjetame (three different office works) qofaa dha.

Abbaan, Ilmi fi Hafuurri Qulqulluunis akkasuma, waaqa sadii osoo hin taane, Waaqayyo tokkichatu bara sadii keessatti, hojii waajjira sadii keessatti, akka Abbaa, Ilmaa fi Hafuura Qulqulluutti hojjete. Garuu akkuma har'aa kana isaan barsiifataan jaamaa turan, akkuma yeroo sanaa har'as barsiifataan jaamaniiru,

hin argan. Isaan maaliif arguu dadhaban? Isaan sichis gonkumaa hin argan. Yaadadhaa, kun waan Gooftaataan jedhe dha. "Egaa maaliif akkas jetta?" jedhu. Akkuma Yohaannis godhedha, akkuma warri kaan hunduu godhanidha. Nama asittii fi achitti maxxanee jiru kan achittii baafamuu qabutu jira. Yaa hoolota Waaqayyoo sagalee Waaqayyoo dhaga'aa! "Hoolonni koo sagalee koo in dhaga'u."

60 Dubartiin boolla bishaanii bira turte sun mallattoo Masihichaatiin guyyaa ishee barte. Isheen Haala hamaa keessa turte. Isheen waan isaan gochaa jiraniin, waldoota durii sanaan gowwoomfamuu hin barbaanne. Isaan karaa hundumaa, wantoota hojjechaa turanis akkasumaan jiraachaa turan. Iaheen waan sanatti hin amanne. Garuu namni tokko gaaf tokko akka dhufu in beekti turte. Namichi Hiyyeessi xiqqaan wayii karaa eela bishaaniitiin ol.... Yommuu Inni dhoksaa garaa ishee isheetti mul'isuu jalqabe, yommuu Inni cubbuu isheen keessa turte isheetti himuu jalqabe, isheen wanta barbaadaa turte sana akka argatte barte. Isheen, "Akka ati raajii taate nan arga, yaa gooftaa" isaan jette. (Amma, isaan waggoota dhibba afuriif raajii tokko illee hin qaban turan.) Isheen, "Akka ati raajii taate nan arga. Masihichi gaafa dhufe wantoota kana hundumaa akka nutti himu nan beeka" jette.

Inni immoo "Kunoo ani Isa" isheedhaan jedhe.

Isheenis ni beekte. Isheen sana booda gaaffii tokko illee hin kaafne. Akkamitti mirkaneessuu dandeessa? Inni durumaanuu mirkanaa'eera. "Masihiin yeroo dhufu kana ni godha." Tole, erga isheen Caaffata Qulqullaa'ootiin adda baaftee baruu dandeessee, isin immoo ibsaa galgalaa fi mallattoo guyyaa har'aa adda baasuu hin dandeessanii ree? "Masihiin yeroo dhufu Wantoota kana hunda akka nutti agarsiisu ni beekna. Inni kana nutti in hima."

Inni "Kunoo Inni isinitti dubbatu Ana" jedheera.

Isheen sana booda homaa hin gaafanne. Karaa isheerra buutee deemte. Isheen namootaan, "Kottaa ilaalaa, kunoo Inni as jira!" jette. Sana booda wanti gaaffii isheetti ta'e hin turre. Inni quubsaa ture, sababni isaas isheen guyyaa keessa jiraachaa turte sana waan beektuufi. Isheen ni beekti turte.

61 Naataanaa'el Ibiruu guddichi akkasuma godhe. Inni milikkita Masihichaa isa achitti abdachiifamee yommuu arge, luboonni meeqa haa jiraataanii, wanti kan biraa meeqa haa jiraatuu ... Inni maal godhe? Namoonni mana amantaa dhiisanii utuu deemanii arganii luboonni akka jeeqaman godhe. Lubichi, "Isin keessaa namni tokko walga'ii isaa irratti yoo argame, waldaa irraa ni ari'ama. Kana goonaan battalumatti waldaa amantii keessaa isin baafna" isaaniin jedhe.

Har'as akkasuma. "Yoo walga'ii isaa irratti argamtan dhaabbata keenya keessaa isin baasna."

Namicha jaamaa sana ni yaadattuu? Abbaa fi haati isaa illee deebii kennuu hin dandeenye. Sababiin isaas namni Yesusiin arguuf deeme ykn walga'ii Isaa irratti hirmaate kamiyyuu mana sagadaa keessaa ni baafama jedhanii waan sodaataniif. Namichi jaamaan sun garuu ofii isaatiif dubbachuu danda'ee ture. Inni yeroo tokko jaamaa ture yeroo sanatti garuu arguu danda'eera.

Ani yeroo tokko jaamaan ture amma garuu arguu danda'eera. Ana nama wantoota kanneen hin beekne, Hafuurri Qulqulluu akkan beeku godheera. Waldaa amantii irraa hidhaa hiikaa, sababiin isaas maalis ta'e maal, isaan dhufaa jiru!

"Ani yommuun lafa irraa ol kaafamu, nama hundumaa ofitti nan harkisa."

62 Naataanaa'eel in beeke; inni isa bareera.

Akkuma Musee ti, dhugaawwan macaafa qulqulluu Dubbii Waaqayyoo mirkaneesse; sun abdiin guyyaa sanaa akka ta'e Museen ni beeka ture, sababiin isaas Caaffata Qulqullaa'oo irratti kan hundaa'e waan ta'eef. Hammam waan keessummaa ta'us ... Innis "Eenyu jdheen isaanitti hima…? As lafa onaa kana keessatti ifa akkan arge deebi'ee isaaniitti nan hima. Amma akkamittan ifni akka as ture, ifni kun akkan asitti gadi bu'uuf natti dubbate jedhee isaanitti himuu danda'a?" jedhe.

Innis, "Dhuguman siin jedha, yaa Musee, An si wajjinan jira" isaan jedhe. Kana qofaa miti…. Inni milikitaa fi dinqii duwwaadhaan dachaa Gibxiitti ofii isaa hin mul'ifne, yommuu isaan bakka tokkotti walitti qabamanitti ammas isaanitti Ofii Isaa mul'isee, tajaajila Musee warra fo'amanii fi warra waamamanii ba'aniif mirkaneesse. Akkasumas. Yeroo raajichi saba sana irraa kutee isaan hiikee bakka tokkotti isaan galche, sana booda utubaan ibiddaa ammas fiixee gaara Siinaa irratti mul'ate.

63 Kan bara har'aa wajjin wal bira yoo qabu tokkuma. Ameen! Galanni Waaqayyoof haa ta'u! Inni anaaf jireenyarra caala.

Akkuma umuriin koo natti siquu jalqabuu fi akkuma sa'aatiin xuraa'ummaa, safuu dhabuu fi wantootni akkasii lafa fudhachuu yommuun argu, sana booda of duuba ilaaleen waan ta'ee darbe ilaala; yeroo muraasa booda dunkaanni inni kan lafaa inni ani keessa jiraadhu kun diigamee, inni kan biraan waan na eegaa jiruuf onneen koo gammachuudhaan utaalti. An namoota tokko tokko harkisuu, wantootaa fi wantoota kana irraa cicciruu, harkisee isaan baasuu, Waaqayyo utubaa ibiddaa, kan namoonn dhibbaan

lakkaa'aman fi kumaatamaan kan lakkaa'aman arganii mirkaneessaniin achi dhaabbachaa jiraachuu isaa Caaffata Qulqullaa'oodhaan isaanitti agarsiisuuf yaalaan jira. Isaan isa mirkaneessuuf yeroodhaa gara yerootti kaameeraadhaan suuraa utubaa ibiddaa sana kaasaa turan.

64 Namoonni fakkeessitoonni in ka'u. Dhugaadha, akkas ta'uu qaba. Fakkeessitoonni bara Museetti ka'anii akkasuma godhan. Waaqayyo akkas jedhe, "Musee, isaan irraa adda ba'i. Isaanitti hin rarra'in. An isaan nan liqimsa!" Biyyi lafaas isaan argatte. Har'as akkasuma in ta'a. Gara biyya lafaatti sirriitti deebi'aniiru—karaa maallaqaa, fi karaa waan hundumaatiin. Argitanii?

Milikkita Musee kan Caaffata Qulqullaa'oo.... Inni raajii Waaqayyoo isa guddaa kan isaan birmaduu isaan baasuuf achitti gadi bu'e ture. Isaanis isa ni hubatan; isaan milikkita sana addaan baasanii baran. Inni abdii sirrii kan Caaffata Qulqullaa'oo keessatti mirkanaa'e ture.

Yesus abdii Caaffata Qulqullaa'oo keessatti abdachiifame sana ture, Inni dubartii sanaaf ni mirkanaa'e, yookaan Inni hiika (interpretation) Caaffata Qulqullaa'oo ture. Yesuus hiika Caaffata Qulqullaa'oo ture. Jireenyi ofii isaa Caaffata Qulqullaa'oo hiike.

Ergaa sa'aatii kanaa hin argitanii? Eessa akka jiraachaa jirru adda baasuu dandeessuu? Ergaan mataan isaa Caaffata Qulqullaa'oo irraa sa'aatii nuti keessa jiraachaa jirru maal akka ta'e isiniif hiika.Inni hiikkaa Caaffatichaa ti.

65 Yesuus Israa'eliin, "Utuu guyyaa kee beekteetta ta'ee!" Yeroo tokko Gaara Ejersaa irra taa'ee achi ilaalee, "Yaa Yerusaalem, yaa, Yerusaalem...." jedhee boo'e. Inni gadi ishee ilaale; Inni ilaalee.... Wal bira qabamee ilaalamuu fi tarii karaa kamiinuu kan wal bira qabamu miti—halkan biraa—ganama biraa naannoo sa'aatii kudhanii yeroon waldaa sagaagaltuu sana argeen. Keessa garaa keessanii keessatti Hafuurri Qulqulluun imimmaan akka isin dhangalaasisu isinitti dhaga'ama. "Yerusaalem, yaa Yerusaalem, silaa yeroo meeqan harka sirra qabee ture. Ati garuu maal goote? Raajota ani siif erge ajjeefte. Ati isaan fixxe!" Ergaawwan har'a waldaa kiristaanaatiif ergamanis dogmaa (dogmas) amantii isaaniitiin ajjeefamaniiru. Caaffanni qulqullaa'aan dogmaa isaaniitiin ajjeefameera. Yesus akkas jedhe, "Utuu guyyaa (bara) kee isa Waaqayyo itti si fayyisuu dhufe beekte ta'ee siif wayya ture; inni garuu amma fagaateera, amma yeroon isaa darbeera." Kan waldootaas akkasuma.

Furamuun akka ishee jala darbe garaa koo guutuudhaan nan amana. Waa'ee kanaa irratti waan fedheetan yaaduu dandeessu, sun yaada mataa keessaniiti, kun immoo yaada kooti, ilaalaa. Yaada koo qabaachuun isin hin barbaachisu. Garuu isheen furamuu jala darbiteetti jedheen amana, waggoota shanan ja'an darbaniif akkas ta'eera. Nan yaadadha—Chikaagoo ni yaadattu. Ergasii waan ta'e ilaalaa, itti fufee akka jirus ilaalaa, sirriitti ilaalaa. Yaadadhaa, maqaan koo isa dura jira, achi keessatti maxxaneera; inni wanta Gooftaan dubbatedha. Itti fufiinsaan akka isheen gadi hin buune ilaalaa.

66 Bara 1933 ilaalaa: dubartoonni bara dhumaa kana keessatti akkam akka ta'uuf jiran dubbata; akkamitti namoonni akka ...dhumni Mussoliniin maal akkatu; dhumni Hitler akkamitti dhokataa akka ta'u; '-ism' sadan akkamitti Koominizimii keessatti akka dhufan; maashiniiwwan akkamitti hanqaaquu fakkeessanii akka omiishan; akkasumas akkamitti dubartoonni uffata dhiirotaa kan fakkaatu akka uffachuuf jiran, uffata isaanii isa jalaa (paantii) illee uffatanii guyyaa saafaa akka deemuuf jiran, dhumarratti waan akka baala harbuutiin qofaa qaama saalaa isaanii dhokfatanii qullaa deemuuf akka jiran; akkamitti safuu badaa akka raawwachuuf jiran, dubartoonni bara kana keessa akkam ta'uuf akka jiran ifatti kan dubbatame ture.. Mee ilaalaa waan isaan hojjetan. Yeroo sanatti fuula keessan duratti dubbatame.

Dubartoonni kiristaanaa (dubartoonni akkasumaan Kiristaana ofiin jedhan) utuu beekanii—hafuurri safuu hin qabne isaan irra jiru kan seexanaa ta'uu isaa, akka rifeensa mataa isaanii muratan kan isaan godhus hafuurichuma akka ta'e utuu beekanii. Kana kan gochuu danda'u Seexana qofaa dha. Sun immoo isiniif faallaa Dubbii Waaqayyoo ti. Inni akkuma isa iddoo dhaabaa Eden keessa turee ti. Isaan maal godhan...? Osoo beekuu danda'aniiru ta'ee. Isaan, "Oo, lallabaa qulqulluu miskiinni sun ..." jechuu yaalu. Ana miti. Ana miti kan waan isin gootan isinitti himaa jiru. An Dubbii Waaqayyoo qofan dubbataa jira. Osoo seexanaa ta'uu isaa qofa adda baasuu danda'anii attam gaarii dha.

67 Isaan nuti Kiristaana ofiin jedhu. Yesuus, "Maaliif waanan isinitti himu utuu hin godhin, yaa gooftaa, yaa gooftaa naan jettu?"jedhe. Isaan Kiristaana ta'uu hin danda'an. Ani abbaa murtii isaanii miti, garuu waan Dubbiin Waaqayyoo jedhu qofan dubbadha. "Maaliif waanan isinitti himu utuu hin godhin, yaa gooftaa, yaa gooftaa naan jettu?" Dubbiin asitti argamu guutuun immoo mul'ata Yesus Kristoos ti. "Maaliif yaa Gooftaa naan jettu?"

Utuu seexana, hafuura safuu hin qabne ta'uu isaa qofa adda baasuu danda'anii. Dubartoonni mikiinni gaggaariin tokko tokko kan achi keessa jiran....

Jireenya koo keessatti bakki xuraa'ummaan hundarra caalaan ani arge Jeffersonville, Indianaa natti fakkaata; dubartoota qullaa buusaniin. Ani Hooliwuud keessa tureera; Bakka hunda tureera; biyya lafaa kanarra naanna'eera, xuraa'ummaa gosa hundumaas argeera. Paaris keessatti isa argeera; Ingilizii

keessatti isa argeera, Ingiliziin immoo haadhoo hunda isaanii taateetti.

68 Ingilaandi gaaf tokko garba jala ni dhidhimti jedheen yaada; sanatu isheedhaaf mala. Xurooftuu, xurii, jibiisiiftuu.... Isheen safuu hin qabnee addunyaa kanaa, bakka wal ga'ii ejjitootaa (cesspool) addunyaa kanaati, namoota Caaffata Qulqullaa'oo ganan an jireenya koo keessatti argee keessaa kan akka ishee hin argine. Isheen waan dhugaa fudhachuu diddeef akkas taate.

Biilii Giraaham haadha warraa isaa paarkota keessa hin seenne dhorkuu akka qabu dubbateera—gochi saalqunnamtii dhiiraa fi dubartoota, ijoollee dhiiraa fi ijoollee durbaa gidduutti raawwatamu, gochi kun ifatti dhoksaa tokko malee paarkii keessaatti raawwatamu. Isheen bishaan xuraa'aa kuufame taati. Faransaayis akkasuma; biyyi lafaa warri hafan hundinuus akkasuma; Ameerikaanis akkasuma hunda isaanii irratti dursuuf deemaa jirti.

Mee har'as ilaalaa. Rifeensa isaanii murataa, uffata gabaabaa uffachaa, kofoo shurraaba miillaaa fakkaatu uffataa, tamboo xuuxaa—ammo amantoota ofiin jedhu. Hin hubattu obboleettii nana, ykn dubartii nana.... obboleettii jechuu kootiif dhiifama, namni waan akkasii godhu obboleettii koo miti. Sun Seexana ta'uu isaa hin hubattuu? Garuu maal godha.... Akkuma Yihudoota durii Dubbiin Waaqayyoo mirkanaa'e (vindicated) yeroo siif mirkanaa'u (proved) hin amantu'oo. Duudhaa waldaa amantii keetii kan homaa rakkoo hin qabu jedhu irratti qalbii kee rarraafta'oo. Afaan haaraatiin dubbachaa, oliif gadi utaalaa, hafuura keessa galtee faarfachaa—rifeensa kee immoo in muratta. Kiristiyaanni tokko akkas godha jettanii yaaduu ni dandeessuu? An Seexanoota, falfatoota (witch doctors) yommuu isaan afaan haaraatiin dubbachaa, olii fi gadi utaalanii hafuuraan shubbisaa, buqqee mataa namaa keessaa dhiiga dhugaa, maqaa Yesuus Kiristoos abaaran argeera.

69 Ati, “Ani kan waldaa ti. Haleeluiyaa! Ulfinni Waaqayyoof haa ta'u! Ani....” in jetta. Ati kan maaliiti? Waldaan Dubbii Sagalichaa ti; Sagalichi immoo kana gochuun siif salphina jedha!

Isin yaa tuuta Fariisotaa jaamaa nana, akkasitti ijoollee hiyyeeyyii kana gara si'oolitti ooftaa jirtu. Sababni isaas, tikkeettii nyaataan dhaba jettee sodaatta, yoo waa'ee waan tokkoo jalqabde waldaa kee keessaa si baasu.... Kun siif salphina, yaa fakkeessitu! Itti qaana'aa! Sa'aatiin akkasitti dhiyaachuu isaa utuu argitanii, duudhaa amantii keessaniif jettanii Sagalee Waaqayyoo irraa garagaltuu!. Akkamitti ija jabaattan, yaa namoota jaamaa nana!

Macaafni Qulqulluun ati jaamaa turte hin jedhu? Amma jaamaa akka taate hubachuu hin dandeessuu? Macaafni Qulqulluun ati amma jaamaa akka taate dubbata. Ati nama gadadamaa namni boo'uufiin ta'u, jaamaa, qullaas ta'uu kee hin beektu. Ati waldaa magaalattii keessatti guddinaan tokkoffaa taaten qaba, ani kanan godha, ani sanan godha yommuu ofiin jettu Macaafni Qulqulluun immoo ati akka malee deegaa, akka malee jaamaadhas siin jedha. Innis ammallee balbala bira dhaabatee qoricha ijaa sitti gurguruuf yaalaa jira—sitti gurguruu osoo hin taane, siif kennuuf si eegaa jira; at garuu isa hin fudhattu. Inni Caaffata Qulqullaa'oo fiixaan baasa.

70 Yaa sabaa, guyyaa akkamii keessa jiraataa jirtu? Sa'aatii isaa ni beektuu, milikkita isaa hoo ni beektuu?

Dubartoonni utuu sun seexanaa ta'uu isaa hubachuu danda'anii gaarii ture. Seexana safuu hin beeknetu maqaa amantiitiin ka'e. Yeroo hundumaatti akkas ture. Inni gara raajii hundumaa ni dhufa; inni gara qulqulloota hundumaa ni dhufa; inni nama amantii ta'ee gara Yesus Kiristoos iyyuu dhufeera. Akkasumas Macaafni Qulqulluun guyyoota gara dhumaatti isa dhugaa wajjin baay'eewal fakkaatee akka ittu dhi'aatu dubbateera (Penxeqoostaalii illee), yoo isaaf danda'ames waldaa Pheenxeqoosxee sana keessaa warra fo'aman iyyuu akka gowwomsu dubbateera.

[Teeppii irra bakka duwwaatu jira.] “...garuu muraasa,” jedhe, “sababni isaas karri dhiphaadha, karaan isaas rakkoodha, namoonni isa argatan muraasa. Akkuma bara Nohi, lubbuun saddeet oolan, yeroo dhufaatii ilma namaas akkasuma in ta'a” jedhe. Mee itti yaadaa! Guyyaa akkamii keessa jiraachaa jirra? Sa'aatii isaa ni beektuu, guyyaa isaa ni beektuu? Yeroo keessan baay'ee fudhachaan jira, garuu amma iyyuu daqiiqaa dabalataa muraasa qaba.

71 Rifeensa isaanii akka muran gochuun maali. Oo, “Waldaan keenya sanaaf xiyyeeffannaa hin kennitu” jedhu. Maaliif akka ta'e beektuu? Isaan jaamaadha. “Rifeensa keessan muruun miidhaa hin qabu” jedhu. Macaafni Qulqulluun miidhaa qaba jedha! Rifeensa keessan of irraa murtanii kadhachuun illee isiniif waan safuu hin qabnedha. Ati akkas jetta, “Eeyyee, dubartiin haguuggachuu qabdi.”Macaafni Qulqulluun immoo rifeensa isheetu haguuggii isheeti malee qoobii miti, rifeensa isheeti, jedhee dubbateera!

Museen, “Kophee koo dhiiseen qoobii koo of irraa baasa” utuu jedheera ta'ee maaltu ta'a? Sun silaa hin hojjetu ture. Waaqayyo “kophee;” jennaan, “kophee” jechuu isaati. Inni “rifeensa” jedhe malee “qoobii!” hin jenne. Ulfinni Waaqayyoof haa ta'u! Inni sana jaallateera, ittan amana. Galanni Waaqayyoof haa ta'u! Inni waan dubbatu qofa dubbachuu isaati. Caaffanni qulqullaa'oon hiika dhuunfaan itti kennamu hin qabu. Waldaa amantii keessaniif qofa jedha miti; Inni waan jedhu qofa dubbata; hiikaan dubbichaas

Isuma.

72 “Dubartii akkas gootu nan beek, isheen ....” in jetta, an waan ati beektuttii dhimma hin qabu; Waaqayyo waa'ee kanaa maal akka jedhe nan beeka. Ati ofii keetiif mimmijeeffadhu.

Osoo maal akka ta'e qofa adda baasuu dandeessee giifti. Uh! Osoo adda baasuu qofa dandeessee—dubartiidha malee ati giiftii miti.

Utuun Blue Boar irraan gadi bu'un milikkita tokko arge, iddoon isaa karaa Fifth Street ta'uu nan amana, mana biiraa tokko keessaa, “Teessumu kun giiftolii ti” jedha. Utuman deemuun battala dhaabadhe.... “Ati takkaa giiftii tokko qabaattee hin beektu”n jedheen. Giiftiin bakka akkasii hin deemtu; dubartiin garuu deemuu dandeessi, malee giiftii miti.

Kufaatiin biyya lafaa safuu dhabuu dubartiitiin akka jalqabu beektuu? Akkaatadhuma sanaan xumuruuf akka ta'e beektuu, safuu dhabuu dubartii tiin? Waldaan immoo dubartiidhaan akka bakka buutu beektuu? Karaa hafuuraa yoo ilaalle Waldaan dubartiidha. Akkasumsa karaa hafuuraa yoo ilaalle Missirroon dubartiidha.

Safuu dhabuun waldaa—akkamitti ta'e. Mul'ata ilaalaa, wantoota ta'an ilaalaa. Mul'ata Waaqayyo kenne ilaalaa.... Mul'anni sunis dhugaadha. Macaafa Qulqulluu laphee koo irra kaa'een jira, isin namoota teeppii dhaggeeffachaa jirtaniinan jechaa jira, warri as jiran dhaggeeffattoonni argaa jiru. Ani sana argeera! Waaqayyo inni hundumaa danda'u dhugaan jiru kana akka ta'e ni beeka. An hanga ammaatti hin beekun ture. Achitti isheen qullaa jirti, qullaa akka jirtus hin beektu. Isheen yeroo gaarii dabarsuu qofaaf achi turte. Isins achi jirtu. Garuu misirroon xiqqoon sun yeroo as baatu waan addaa ture. Alfaa fi Omegaa.

73 Seexanatu isa hojjeta. Garuu akkuma Yihudoota durii Dubbicha yommuu argan.... Yesuus immoo.... Duuka buutota isaatiin akkas jedhe: “Caaffata Qulqullaa'oo qoradhaa. Waa'een koo fi waa'een tajaajilaa kootii hibboo isinitti ta'e. Caaffata Qulqullaa'oo keessaa jireenya bara baraa qabna jettanii waan yaaddaniif, caaffatoota in qortu; caaffatoonni sunis immoo anaaf dhugaa in ba'u. Isaan ergaan koo maal akka ta'e isinitti in himu. Yoo na amanuu dadhabdan, dubbii Waaqayyo isiniif hiiku sana amanaa” isaaniin jedhe.

“Namichi kun akka nu bulchu hin goonu. Lubootaa fi kkf mataa keenyaa qabna.” Deemaa egaa, kana qofa jechuutu danda'ama. Haala kamiinuu yeroon isaa darbeera, ilaalaa. Duudhaa waldaa amantii inni homaa rakkoo hin qabu jedhu—isaan sana dhaggeeffatu. Isaan sana dhaga'uu filatu.... Dubbii Waaqayyoo amanuu caalaa dubbii namaa amantu.

Isaan hin beekan.... Waldoonni har'aa II Ximotewos boqonnaa 3 hin hubatan. Isin utuu ...

74 Isin keessaa kaan Caaffata Qulqullaa'oo qabachaa akka jirtan nan arga. Amma, kunniin Caaffata Qulqullaa'oo ani asitti caqasaa jiruudha. Yoo namni tokko akka tasaa xiyyeeffannaa koo hate, ani—ykn harki koo isa irra jira, Caaffata Qulqullaa'oo keessaa isaaf agarsiisuu nan danda'a. Argitanii?

Isaan II Ximotewos 3 hin beekan, achitti inni akkas jedheera: “Guyyoota gara dhumaatti namoonni warra sassatoo, of jajoo, afuufamoo, arrabsituwwan, galata hin qabnee, warra abboota isaanii fi haadhota isaaniif hin abboomamne warra wanta qulqullaa'aan morman in ta'u. Warra jaalala of keessaa hin qabne, warra araara hin jaallanne, warra maqaa namaa balleessan, warra of hin qabne, warra namatti hin madaqne, warra waan gaarii jibban, warra dabarsanii nama kennan, warra eeggannaa hin qabne, warra of arguu dhabuudhaan of bokoksan, Waaqayyoon jaallachuu caalaa warra waan isaan gammachiisu jaallatan ta'uuf jiru. Akka bakkeedhaan mul'atutti nama Waaqayyoo in fakkaatu huna isa nama akkasii keessa jiru garuu in ganu. Isaan keessaa kaan mana namaa lixanii dubartoota dadhaboo warra cubbuun irra tuulamee, kajeellaa garaa garaatiin asii fi achi oofaman in wallaalchisu. Dubaroonni kun yeroo hundumaa in baru; garuu dhugaa beekuu bira ga'uu matumaa hin danda'an.” Gonkumaa.... isaan hin goone, hin godhaniss. Waaqayyo akkas jedheera. Yaa Fariisicha jaamaa, arguu hin dandeessuu? Ani hin aaru; Mismaara itti waqareen wal qabsiisaa jira. Waldoonnis kana hin beekan. Dubartoonni sun hubachuu hin danda'an; hubachuu qabu turan.... Dubartoota gowwaa, warra kajeellaa garaa garaatiin asii fi achi oofaman— warra Hollywood, wantoota gosa kana hundaan warra faalaman, rifeensa murachuu, uffata gabaabaa uffachuu, makeup dibachuu, wantoota gosa kana hunda gochuun hin malle.

Dubartoonni guyyoota dhumaa keessatti gahee guddaa akka taphatan beektuu?

75 Warri firdii guddaa kana jalaa miliqan Gooftaa duratti damee miidhagaa akka ta'an Macaafni Qulqulluun akka dubbatu beektuu? Gaaf tokko yoo Gooftaan jedhe kana irratti nana barsiisa—isin dubartootaaf. Mee waan Waaqayyo dubartii dhuguma abaarsa guyyaa kanaa kana jalaa miliqxeen maal akka jedhu haa ilaallu. Isheen miidhagduu in taati jedha.

Guyyaa tokko dubartiin tokko utuu intala tokkotti kolfituun dhaga'e—tuutni dhalaa gartokkeen qaama isaanii qullaan, kan safuudhaan haadhoon saree isaanirra wayyitu, jaartii uffata dheeraa uffattee deemtu

tokkotti kolfaa turan. Asirratti dhaggeeffadhu mee yaa dubartii xinoo nana, yaa ishee of mimicciiraa deemtuu dhaga'i, isheen waan ati homaa hin beekne tokko qabdi; isheen safuu qabdi. Ati maqaan isaa maal akka ta'e iyyuu hin beektu. Ati guyyaa dhalatta irraa kaastee safuu dhabde. Ati waan Sirrii ta'ee fi waan sirrii hin ta'in illee hin beektu; isheen garuu ni beekti. Waan ati homaa hin beekne isheen garaa ishee keessa qabdi. Ati hin qabdu; gonkumaa argachuus hin dandeessu. Ati waan yeroon irra darbee jettee fi kkf isheedhaan jetta. Isheen waan ati homaa hin beekne beekti. Badhaadhinni safuu onnee ishee keessa dhokatee jira. Ati waa'ee isaa jecha tokkollee hin beektu. Haati kee akkasitti si guddifte. Paastariin kee siif hayyameera; kunis idoon dhaabbii isaa maal akka ta'e ibsa. Ani amma asitti waa'ee isaan lallabaa jira, ilaalaa. Bakka jirtan ilaalaa? Waldoonni....

76 Yesus Caaffanni Qulqullaa'oon kun hundinuu raawwatamuu qabu jedhe; ni raawwatamas.

Hubadhaa, akkuma Yaaneesii fi Yaambrees Musee morman, isaan akkasuma sirriitti in dhufu.... Gariin isaanii.... Inni akkas miti.... Amma, inni asitti waa'ee Meetodistii, waa'ee Baaptisitii dubbataa hin jiru; isaan akka hin mul'aneetti fagaataniiru. Argitanii? Garuu akkuma Yaaneesii fi Yaambrees Musee fi Aaroniin morman, jarri sammuun isaanii bade, jarri karaa amantii isaanii qoramanii hin ilaalamin kunis akkasuma dhugaadhaan mormanii Macaafa Qulqulluu dhiisanii gara dogmaa fi barsiisa waldaa ni jallatu. Jaaneesii fi Yaambres waan Museen gochaa ture hundumaa gochuu akka danda'an ilaalaa . Akkuma Yaambres (achitti walfakkeenya isaa ilaalaa?)—akkuma Yaanneesii fi Yaambrees, Museedhaan morman, jarreen sammuun isaanii bade, jarreen karaa amantii isaanii qoramanii hin ilaalamin kunis akkasuma dhugaadhaan in mormu, isaan olla isaanii wajjin illee walitti dhufeenya hin qabaatan, tumsa illee hin godhan, dhugaa tokko illee of keessaa hin qabaatan. Garuu " Akkuma gowwummaan jarreen sana lamaanii irratti beekame, kan isaan kanaas nama hundumaa biratti beekamuuf waan jiruuf, fagoo hin ga'an" jedhe. Misirroon sun yeroo ejjennoo ishee qabattee gara bantii waaqaatti ol baatu ni beeksifama, kanaafuu hin yaadda'inaa. Akkuma Musee, yeroo inni ijoollee Israa'el fudhatee Gibxii keessaa ba'aetti, battaluma sanatti Gibxiin ni dhidhimte. Ba'eessa.

77 Yesus Caaffanni Qulqullaa'oon hundinuu geggeessaa Hafuura Waaqayyootiin caafame jedhee dubbateera; kanaaf—Caaffanni Qulqullaa'oon hundinuu raawwatamuu qabu. Yeroo Inni ... Isaan immoo"Ati Waaqayyo of gochuu barbaaddaa" jedhanii Isa gaafatan.

Innis, "Isin seera keessan keessatti raajota warra Dubbiin Gooftaa gara isaanii dhufu waaqota jettanii waamtu; isaan dhugumayyuu waaqota" jedhe, itti fufees "Egaa ani ilma Waaqayyooti ofiin jennaan akkamitti na balaaleffattu?" isaaniin jedhe. Caaffanni qulqullaa'oon kun geggeessaa Hafuura Waaqayyootiin kennaman, hundumti isaanii mul'achuu qabu, hundumti isaaniis raawwatamuu qabu. Achitti ilaalaa, isaan akkam jaamaa akka turan, akkasitti dubbii Sagalee Waaqayyoo fudhachuu dhiisanii dubbii namaatiin of dhiiteessan. Egaa dubartoonni akkas akka godhan kan godhu kana. Lallabdoonni akkas akka godhan kan godhu kana. Isaan Yesusiin dhiisanii luba biratti fudhatama argataniiru. Borsaa qarshii isaaniitiin, waldaa guddaa qabaniin of bokoksaniiru.

78 Ani jaallatama (popular) ta'uu koo qofa ilaalaa. Namoota Jeffersonville keessaa fudhaa, garee xiqqaa akkamii wajjin as Jeffersonville akkan jiru, warra Jeffersonvillee kan ganama kana dunkaana kana keessa hin jirre fudhadhaa ilaalaa, ani homaa hin qabun ture-ykn naman itti lallabu nama ja'a kan hin caallen qaba ture. Innis maali? Isheen guutummaa biyyattii irraa kan walitti dhuftee ijarramte yoo taatu, New York irraa kaasee hanga Boston, Maineetti, hanga galaanaatti, Joorjiyaa, Alaabaamaa fi naannoo biyyattii kan bakka buutudha. Isaan walitti qabamaa jiru. Ameen! Innis maali? Yeroo galgalaa'utti ifni in ta'a.

Isaan ifa galgalaa adda baasuu hin danda'an; rakkoon isaanii isa kana. Isheen isa hin beektu. Isheen garmalee jaamteetti. Macaafni Qulqulluun akkas taateetti jedheera.

79 Raashiyaan saayinsii keessatti addunyaa kana irratti bakka ishee kan argatte gara waggaa afurtamaa dura qofa ture. Akkuma isin beektan Waraanni Addunyaa inni jalqabaa yeroo dhufe, isaan gonkumaa—isaan Raashiyaa ni tuffataman. Obboleessa koo Rooy, isaan tuuta wallaalota qofa turan, warra Saayibeeriyaanota dullooman gurguddoo turan, fuulli isaanii hundi areedaan kan dhokate, harka mirgaa fi bitaa iyyuu adda baasanii hin beekan turan. Sirriidha. Raashiyaa. Garuu isheen bakka ishee barte. Caaffanni Qulqullaa'oo akka raawwatuuf kana gochuu qabdi turte. Waan ani jedhee ture, akkamitti hundi isaanii komunizimii keessatti akka walitti qabaman raajii koo ni beektu. Amma isheen saayinsiidhaan addunyaa kana dursaa jirti. Nuti Ishee duubatti hafneerra. Addunyaan hafan hundi ishee duuba jiru. Bakka ishee geggeessaa jirti. Isheenis sammuu akka qabdu hubatte.

Hubadhaa. Namni miira ja'an waggoota kuma ja'a dura qabu sana qaba har'as. Waggaa kuma ja'a dura miira qabuun mana isaa isa lafaa qunnamee Waaqayyoon tajaajilaa ture. Ammas waggoota torbaatamii shan darban keessatti namni innumti sun fardaa fi konkolaataa irraa gara 'astronaut' ta'uutti dhufe. Maalif? Amantii Waaqayyootti qabu irraa garagalee miira isaa fi dandeettii akka namaatti qabutti dabarsee of kenne. Hubattaniittuu? Namni Waaqayyoon amanuu dhiise; ofitti amana.

80 Akka dubartii Waaqayyoon hin beeknee kanaa, (maqaan ishee eenyu?) Waashingitan kan jirtu isheen waan hunda jijjiirte kun eenyu? Maqaan ishee eenyu? Murray jedhamamti. Isheen, "Hanga waraanaa fi

humna galaanaa qabnutti Yahwee dulloomaan nu hin barbaachisu!" jette. Wanti nuti qabnu na hin dhibu, anaaf Yahwee irraan kan hafe hunduu kantuu dha. Waraanni fi humni galaanaa haa dhidhimu—ni dhidhimas, Yahween garuu bara baraan ni jiraata. Akkasumas hamman dhagna Isaa fi dhagna Ilma Isaa ta'etti waamicha kootiin ykn filannoo kootiin osoo hin taane filannoo Isaatiin bara baraan Isa waliin nan jiraadha. Ameen, ammas ameen! Ani isattii dhimma hin qabu, an Isattiin dhimma qaba malee. Isa naaf kenni, kanaa achii du'a naaf wayya. Biyyoonni haa ka'an, haa kufan; Yahween hafee ni jiraata. Inni baroota hunda keessatti kana hojjeteera. Yommuu Roomaan kufte, yeroo Gibxii kufte, warri hafan hundinuus ni kufan; Yahween garuu yoomuu darbee ni jiraata. Oo, halleluyaa! Miira nama amantiitu natti dhaga'ame.

Sababni Raashiyaan gara ofii isheetti deebiteef, dirqama waan ta'eefi. Akkuma Israa'el biyya dhalootaa isheetti deebi'uu qabduuti. Waaqayyo Israa'elota malakataaf gara biyya isaaniitti deebisuu qaba ture.

Akkasumas Waaqayyo Raashiyaa Koominizimii keessatti ol baasuu qaba ture, kunis waan isheen gootu akkaataadhuma raajii dubbatameetti akka gootuufi.

81 Namni fi miirri isaa ja'an yeroo fardaa fi konkolaataa waliin jiraachaa turetti, Waaqayyoon kan amanatu ture. Namni Waggoota torbaatamii shanan darban keessatti Waaqayyoon amanachuu dhiise. Yeroo Heera Ameerikaa kanaa mallatteessan waan hojjetan hunda keessa Waaqayyoon galchanii turan. Amma walga'ii illee hin qaban, maqaa Waaqayyoos hin dha'an. Sirriidha. Olka'iinsa saayinsii isaanii, haxxummaa saayinsii isaanii irratti hirkatan. Walitti qabama ejjitootaa ti. Sun sirriitti sirrii dha. Addunyaa guutuun Macaafa Qulqulluu wallaaluudhaan liqimfameera. Biyyi lafaa guutuun Waaqayyo irraa fuula deeffateera. Garuu mee yaadaa, sana hundumaa keessatti immoo, manneen amantii fi sagaagalummaa seeminaara isaanii hundumaa fi waan hundumaa keessaa gidduudhaa immoo, Waaqayyo Dubbii raajii Isaatiin misirroo ishee isaan keessaa Nan baasa jedhee qiqqexa'ee baase. Inni waan akka raawwatu kakuu gale sana irraa qexa'ee baase.

Isaan sammuu namaa isaanii, saayinsii namaa isaanii fi kkf irratti kan hundaa'anii, Waaqayyoo isa yeroo tokko amanatan dhiisanii deeman. Ameerikaan Waaqayyoon dhiifteetti. Ijoolleen keenya xixiqqoo waa'ee Isaa illee dhaga'uu akka hin dandeenyetti, mana barumsaatiillee Isa baasan. Mana Barumsaatii Isa baasaniiru. Amma, doolaara irraa, "In God We Trust" kan jedhu iyyuu haquuf yaalaa jiru. Isaan amanamummaa kakuu alaabaaf galan keessaa haquuf jiru. "One Nation Under God"; isaan sana haquuf jiru.

82 Ilaalaa, isaa gara waan isaanitti dhaga'amu gochuu fi gara miira ofii isaaniitti goraniiru. Sababni isaas waggoota torbaatamii shan darban keessa miira isaa keessatti waa xiqqoon illee hin jijjiiramne, ammallee nama Waaqayyo jalqaba irratti isa uume sanadha. Garuu bara dhumaa kana keessatti eessa akka jirru adda baasuu hin dandeessanii? Waldaan immoo Waaqayyo irraa, Sagalicha irraa gara sanaatti, gara seeminaariitti, gara muuxannoottii fi kkf tti gorteetti. Isaan kana booda walgahii isaanii keessatti, mana barumsaa isaanii keessatti, ykn homaa keessatti illee Isa hin beeksisan kana booda.

Israa'el waggoota digdamii shanan darban keessatti waanti tokko akka waadaa galameetti gara biyya isaaniitti isaan fide hubatteetti. Inni akkamitti akka raawwatame isaan hin beekan. Isaan waan hundaan dhiphataniiru, isaan malakatawwan sana jalatti wareegamamaniiru; garuu biyya isaanii keessa jiru. Isaan sun maaliif akka ta'e hin beekan.

83 Raashiyaan maaliif dammaqxe? Saboonni ishee maaliif dammaqan? Dhiironni maaliif galmaan gahuu danda'an, osoo saayintistoonni waggoota dhibba sadii dura.... Saayintistiin Faransaay tokko kubbaa saffisa murtaa'een lafa konkolaachisee, namni tokko saffisa ajaa'ibaa sa'aatii tokkotti maayilii soddomatiin yoo fiige qorannoo saayinsiitiin mirkaneessee harkisi lafaa akka ulfaatina isaatti, akka ulfaatina kubbaa sanaatti lafa gadi dhiisee bada jedhee mirkaneessee ture. Amma garuu namani sa'aatii tokkotti maayilii kuma kudha torba deemaa jira, ammallee sana ol ba'uuf yaalaa jira. Sana yeroo dhiyoo asitti kan hubatan. Maalif? Akkas ta'uu qaba.

Maaliif, waldaan duraan—dhagaa isa ta'e Yesus Kiristoos irra dhaabbattee turte. Namni kamiyyuu waan fedhe haa dubbatuu, isaan Sagalichatti, ergaa sa'aatii sanaatti, ergaa Luuteritti, kan Wesley fi kanneen hafaniitti qabamanii jiraatu turan. Ammas, gara barsiifata duudhaa amantiitti deebi'aniiru. Inni maaliif akkas akka ta'u godhe?

Waggoota digdamii shan darban keessatti Israa'el waan ta'e tokkoof biyya dhalootaa isaanii keessa akka jiran reefuu hubatan. Ammas deebi'anii walitti qabamuu akka qaban raajii dubbatameera; karaa Hose'aa dubbatame. Yeroo muraasa dura dubbisnee turre. Waaqayyo akka hubannuuf nu haa gargaaru. Tole.

84 Yeroo wal fakkaatutti misirroon ifa galgalaa addaan baaftee barteetti, amma beekuu jalqabeetti. Pheenxeqoosxee warri beela'an jaarmayoonni isaanii waan isaan barbaadan akka hin qabne hubachuu jalqabaniiru. Akkasitti mimicciiramanii cicciramaniiru. Ilaalaa, yeroon yeroo beekamtii ti, beekamtii. Isin

beekuu qabdu. Biyyi lafaa beekteetti. Saboonni beekaniiru. Saayinsiin beekeera. Seexanni beekee jira; yeroo inni dubartoota diiguu danda'u, waldaa diiguu danda'u, ummata diiguu danda'uudha. Innis beekee jira. Waaqayyo immoo sabni Inni duraan dursee jireenyaaf murteesse lafa kanarra akka jiran hubateera. Yeroon kun yeroo Inni itti ergaa Isaa ergu ta'uu hubate; isas in raawwate. Namoonni isa beekaniiru. Yeroon misirroo ifa galgalaa dhugoomseera.

Sodoom osoo guyyoota ishee yommuu ergamtoonni sun achitti gad bu'an isaan barteetti ta'ee, kan akka Billy Graham fi Oral Roberts....

85 Amma, namichi sagaagalaan Fiiniksi keessa jiru tokko lafumaa ka'ee akkas jedhe—gam tokkee—teeppii irraa waan irraa kutame wayii dhaggeeffatee akkas jedhe.... Ani asitti, “Ani maqaa Yesusiin cuuphamuun dirqama”n jedhe. Ani sanan jedhe. Achiis, “Amma, asitti ilaalaa, asitti waan inni jedhe ilaalaa....” Yeroon waa'ee Afrikaa dubbadhu, akkamitti yeroo sadii garaadhaan fuulduraa fi duubatti cuuphaman ... Inni “Inni 'Garaagarummaa fidu tokko iyyuu hin qabu jedhe” jedhe. Argitanii, inni guutummaa teeppii sanaa hin dhaggeeffanne, inni waa'ee kanaa kan dubbatu keessaa kutee hambise, kana gochuun yakka adabbiin nama adabsiisu ta'a; sagaleen teeppiiwwanii guutummaatti mirga abbummaa (franchised) kana qabanidha. Namni isaan waliin laaquu hin danda'u. Yoo akkas gochuu dhiiftan isiniif wayya. Yoo akkas gootanii argamtan seeraan gaafatamtu. Garuu nuti akkas ni goonaa? Lakki. Inni, “Isaan dhiisaa” jedheera. Waaqayyo waa'ee waan ta'uuf deemuu natti himeera. Isin callisaatii ilaalaa, ija keessan nama sana qofa irra kaa'aa, ilaalaa.

86 Yeroo wal fakkaatutti misirroon ifa galgalaa hubatteetti. Osoo warri Sodoom sa'aatii isaanii adda baaftaniiru ta'ee....

Amma, namni innumti teeppii irra kaa'ame kun, “As ilaalaa, isin namoota Pheenxeqoosxee,” jedhe, itti fufees, “Akkasumas isin Baaptistii: Namichi kun, raajiin sobaa Wiliyaam Biraanhaam kun (argitanii?) Oral Roberts fi Billy Graham Sodoom keessa turan” jedheera jedhe. Argitanii? Sagalee teeppii waraabamee sana irraa muran. Wanti godhama sana dha, ilaalaa. Isaan itti fufanii fuuldura kan jiru utuu hin dhaggeeffatin ergamtoota Sodoom turan jedhe naan jedhu. Isaan Sodoom keessa turan miti; isaan ergamaa gara Sodoomitti ergame ta'anii achi jiru. Akkas akkan jedhe eenyullee ni beeka. Teeppii keessan taphachiisaa. Namni irraa fudhate ykn itti dabale, akkasuma irraa in fudhatama. Argitanii? Inni Dubbii Gooftaati, inni akkasitti in dhaabata.

87 “Sodoom ergamaa ishee osoo beekteetti ta'ee, silaa har'a dhaabbattee jirti turte” jedhe Yesus. Isheen osoo akkuma Abrahaam beeke sana beekteetti ta'ee.... Abrahaam ilmi abdachiifame akka dhufu in beeka ture. Garuu karaa tokkoon jijjiiramni jiraachuu akka qabu in beeka ture, sababiin isaas inni baay'ee dulloomeera Saaraan akkasuma. Garuu Nama yaada garaa Saaraa duuba isaa taa'ee adda baasuu danda'u sana yommuu arge, inni sa'aatii keessa jiraachaa jiru adda baasee baree, “Yaa Gooftaa koo, bishaan xiqqoo fideen miila kee sirraa dhiqa” jedhe. Buddeena xiqqoo nyaatan. “Mee Sin kadhadha, waa xiqqoo as nu bira turi” ittiin jedhe. Argitanii? “Asitti 'L-o-r-d' koo jedhe, (Qubeessa guddaan 'L-o-r-d', Elohim koo jechuu dha.” Waaqayyo nama foonii keessaan isatti dubbachaa akka jiru bare. Inni milikkita isaa hubatee, Gooftaadhaan eebbifame. Warri Sodoom guyyaa isaanii waan hin beekneef in gubatan. Yesus, “Guyyaa itti ilmi Waaqayyoo mul'atutti—ykn guyyaa itti ilmi namaa mul'atuttis akkasuma in ta'a” jedheera.

88 Amma, waldaan guyyaa ishee hin beekne. Akkuma Israa'el dirqiidhaan gara Filisxeemitti deebifamte, isheen immoo dirqiidhaan gara Mana Maree Waldoota Addunyaa seenuuf jirti. Maalif? Isheen sa'aatii ishee hin beekne. Yaa namootaa ishee keessaa ba'aa! Cubbuu ishee irraa hirmaattuu hin ta'inaa! Lubbuu keessan oolfadhaa, kanaa achii milikkita bineensichaatiin qabamtu, waan biraa gochuus hin dandeessan. Inni xuraa'aan ammallee xuraa'aa ta'ee itti haa fufu. Inni qulqulluun qulqulluu hin ta'in—amma qulqulluu haa ta'u.... Inni qulqulluun qulqulluu haa ta'u malee dubartii rifeensa muratte hin ta'in; isheen qulqulluu ta'uu hin dandeessu. Amma, sun baay'ee waan namatti hin tolle fakkaata, garuu sun Caaffata Qulqullaa'oodha. Macaafni Qulqulluun mataa ishee akka salphistu dubbata. Mataan ishee immoo abbaa warraa isheeti. Mataan isaa immoo Kiristoos dha; kanaaf isheen Kiristoosiin salphifti jechuu dha. Isheen akkamitti salphoo taatee xurooftuu ta'uu dhabdi? Isheen rifeensa mataa of irraa murtu akkasumatti itti haa fuftu! Isheen uffata gabaabaa uffattu uffachuu ishee itti haa fuftu! Inni Dubbicha ganu ganuu isaa itti haa fufu! Garuu inni qulqulluu ta'e ammallee qulqulluu ta'uu isaa itti haa fufu! Inni qajeelaan ammas qajeelaa ta'ee itti fufu, Sagalee Waaqayyoo isa qajeelaa, Ilmi Waaqayyoo isa kessaan haa mul'atu. Ammas qulqulluu ta'aa itti fufaa, ammas qajeelaa ta'aa itti fufaa. Qalbeeffachuudha. Eeyyee, gooftaa!

89 Guyyoota.... Akkuma Israa'el yeroo biyya abdii isheetti deebiteetti,

waldaanis guyyaa ishee hin beekne. Isheen akkamitti akka achitti deebite hin beektu. Isheen battalumatti (automatically) achitti deebi'uu ishee qofa argite. Maalif? Humna biyyoolessaatu (Nationa Force) fuudhee achi ishee kaa'e. Amma, waan tokko jechuufan jira. Humni biyyoolessaa Israa'el biyya isheetti deebisee galche. Humni biyyoolessaa waldaa Mana Maree Waldoota Addunyaatti ni galcha. Humni Waaqayyoo garuu namoota gara misirrootti ni galcha. Biyii lafaa karaa kanatti ishee harkisa, biyyi lafaa

karaa sanatti ishee harkisa, Waaqayyo garuu gara oliitti ishee harkisa, Hafuurri Waaqayyoo, kana jechuunis Sagaleen Waaqayyoo ("Dubbiin koo Hafuura, jireenyas waan ta'eef misirroo bakka ishee ni kaa'a, sababiin isaas isheen iddoo Sagalicha keessatti qabdu in beekti; sana booda isheen Kiristoos keessa jiraatti.") iddoo ishee in kaa'a. Humni biyyoolessaa kamuu sana hin raawwatu. Garuu humni biyyaalessaa Israa'el gara biyya isheetti galcheera. Humnoonni biyyoolessaa yaa'ii waldootaa jaarmiyaa hundumaa gara sanatti ni oofu, humni Waaqayyoo garuu misirrottii gara ulfinaatti in ol in kaasa, ishee isaan keessaa ni baasa.

Yaa sabaa guyyaa keessan akkuma Yesus isin akeekkachiise, mallattoo Sodoomii fi haala waldaa guyyaa kanaa beekaa.

90 Wanta inni guyyaa kana keessa in raawwatama jedhee duraan dursee dubbate ilaalaa. Sirriitti itti dhiyeenyaan dhaggeeffadhaa. Milikkinni Sodoom keessatti raawwate guyyichatti raawwatama, milikkinni akka Abrahaam guyyaa dura Sodoom keessaa waamamee fakkaatu guyyichattis in raawwatama. Wantoonni waa'ee isaaniitiif raajiin dubbatamanii hundinuu amma raawwatamaa jiru. Guyyaa keessa jiraachaa jirtan akeekkadhaa. Irra deddeebinee ilaaleerra, irra deddeebineerra.

Amma, sanyii isa ta'e Dubbii Sagalee guyyaa kanaaf facaafame akka bilcheessuuf ifa waaqarraa isiniif erguuf kakuu galeera. Sanyichi as keessa jira. Sanyiin Macaafa Qulqulluu dha. Maalif? Yesus akkas jedheera: " Hiikkaan fakkeenya namicha sanyii facaasuu isa kana; sanyichi dubbii Waaqayyoo ti." Ammas, midhaan kamiyyuu qabaachuu keessan dura, sanyii sana yoo facaaftan iyyuu, sanyiin sun bilchaachuuf ifa argachuu qaba, kanaa achii ni tortora, bu'aa tokkollee hin buusu; ni bada. Garuu sanyichi lafa keessa yoo gadi dhaabate, lafa sirrii fi ifa aduu sirrii yoo argate ni bilchaata. Bara dhumaa kanattis, yeroo galgalaa'utti aduun sanyii sana bilcheessuuf akka baatu Inni kakuu galeera. Sanyichi lallabamaa jira. Ilmi Waaqayyoo sanyicha isiniif mirkaneessuudhaan, akka inni ija keessan duratti quuqee ba'u gochuudhaan, sirrii ta'uu isaa isiniif mirkaneessuudhaan isa bilcheessaa jira. Isinii galeeraa? Guyyaa keessan beekaa.

Amma goolabaan jira. Amma yeroo xumuruu irra ga'een jira.

91 Laa'odiiqeyaa Soorettiin, jaamaan, isheen hamma ga'utti baradhe ofiin jettu kunis Sagalicha of gidduudhaa ni baafti. Kana raawwataniiru? Kana ni godhu jedhee dubbateera. Akkuma raajonni durii Sagalee bara isaaniitiif abdachiifame mirkaneessuuf ergaman, namoonni guyyaa isaanii akka arganiif duraan dursanii murtaa'an isa in hubatu, akkuma dubartii boolla bishaanii bira turte sanaa, akkuma Naatanaa'el, akkuma Barxiimewos namicha jaamaa sanaa, akkuma Pheexiroos, fi kanneen hafan warra isa baran hundumaa.... Inni Sagalichaa fi bu'aa Sagalichaa ture. "Egaa ani hojii abbaa koo hin hojjedhu yoon ta'e, anatti hin amaninaa. Ani hojii abbaa koo nan hojjedha yoon ta'e garuu, anatti yoo amanuu dhaabaattan iyyuu; hojii kanatti amanaa! Isaanuu eenyu akkan ta'e isnitti in himu." Isinii galeeraa? Tole. Guyyicha hin dagatinaa. Ergame.... Dhiiraa fi dubartoonni baroota kaan adda baasanii baran, ol seenanii, du'a jalaa ba'an.

Yaa Pheenxeqoosxee (Oo,yaa anaa!), maaliif guyyaa keessan hin beektan? Guyyaa yeroo galgala'uu adda baasaa beekaa. Inni as jira, inni dhufaatii Kiristoos mirkaneessuuf, Isa mirkaneessuuf inni as jira. Nuyi gara dumaa irra jirra. Guyyaa keessan beekaa.

92 Yeroo dheeraa akkan isin turse nan beeka. Amma sa'aatiin ja'a ta'eera. Garuu nyaanni kun natti toleera. Kun jireenya; inni amantootaaf kan ta'udha. Guyyaa keessa jiraachaa jirtanii fi milikiita yerichaa adda baasaatii beekaa.

Wanti hundinuu eessa akka jiru ilaalaa, Israa'el eessa akka jirtu, waldaan eessa akka jirtu, safuu malee jiraachuun eessa akka jiru, misirroon eessa akka dhaabachaa jirtu ilaalaa. Wanti itti aanu maaltu hafe? Misirroon ol fudhatamuutu hafe. Dhugaadha, waldaan hundi waan guddaa tokko barbaadaa jiru. Warri Pheenxeqoosxee, "Ulfinni Waaqayyoof haa ta'u! Guyyaan isaan kana godhan, guyyaan isaan sana godhan ni dhufa"jedhu. Ilaalaa, isaan piroofeesaroota. Isaan ni amanu.

Akkuma yeroo tokko Qayyaafaan "Namni tokko du'ee saba guutuu badiisa oolchuun sirrii mitii ree?" jedhee ti. Sababni inni akkas jedheef inni angafa lubaa ture jedha Macaafni Qulqulluu. Waan dubbataa jiru osoo hin beekin raajii dubbate. Garuu dhugicha isa dhugaa, Waaqayyo isa angafa lubaati jedhee dubbate sana aarsaa gochaa akka jiru hubateeraa? Har'as akkasuma! Yeroo guddaan tokko in dhufa jedhanii gama ilaalaa jiru.

93 Maaliif, ani conferensii waldaa warra 'Businessmen' fi isaan kaanii nan dhaqa, isaan, "Ulfinni Waaqayyoof haa ta'u!" jedhu. Warri lallaboota ta'an lafaa ka'anii tuuta sonaan baay'ee sana sochoosanii, "Haaromsi guddaan dhufaa jira. Harki Gooftaa lafarratti diriiruuf deema!" jedhu. Akkasumas akkamitti akka ummanni ba'aa jiru, akkamitti akka fiigaa jiru....Sun malakata Israa'eliif dhageessifamu jala akka jiru isaan hin hubatan. Isaan maaliif sana godhu? Sababni isaa isaan piroofeesaroota kiristaanaa waan ta'aniif hin hubatan. Qaayaafanis wanta gochaa jiru yeroo sanatti hin hubanne. Ergaa isaaniif ergame fudhachuu diduu isaaniis hin hubatan. Ameen!

Kutaa Caaffata Qulqullaa'oo hundumaa guyyaadhaa gara guyyaatti fi torbanii gara torbaniitti keessa darbine; hanga dhugaan isaa hin mormamnetti. Yesus, “Warri jaamonni fudhachuu yoo dadhaban, isaan dhiisaa” jedheera. “Namni jaamaan yoo nama jaamaa geggeesse, hunduu wal fudhatanii boolla keessatti kufu.” Yoom akka ta'e ani hin beeku; Eessatti akka ta'e ani hin beeku; garuu inni dhufaa akka jiru nana beeka.

94 Ni beektu, akkan kana godhu Seexanni maaliif akkan hin barbaanne naaf gala. Kaleessa dhukkubbii hamaan baay'ee natti dhaga'amee ture. Gooftaa biraa Sagalee tokkollee argachuu hin dandeenye. Waan hojjechuu beeku hunda hojjedhus, hin dandeenyes.... Ganama kanas yeroon ka'us.... Kaleessa boqqolloo wayii nyaadheen ture, inni akkuma jirutti garaa koo keessa dib jedhee waan ciisee natti fakkaata. Baay'ee dhukkubsadheen ka'uu dadhabe. Anis, “Rakkoon biyya lafaa kun maali? Achitti gadi bu'aan jira, waanan jedhus hin beeku. Gooftaadhaan immoo, sammuu koo keessaa Caaffata Qulqullaa'oo tokko illee argadhee hin barreeffanne; waan tokkollee argachuu hin dandeenye” jedheen yaade. Amma waanan godhu nan wallaale. Achiis ergaan sun gara koo dhufuu erga jalqabee booda, Seexanni, “Dhukkubbii hamaan baay’ee sitti dhaga’amaa jira. Mataan kee si dhukkubaa jira. Si dhukkubaa jira. Achitti gadi bu'uu hin dandeessu. Achi dhaabachuu hin dandeessu. Kana ta'uuf deema, sana ta'uuf deema” naan jechuu itti fufe.

95 Seenaa yeroo tokkoo kan namicha miskiina biyya Ingilizii bahaa keessa jiraatu (Cockney) tokkoo nan yaadadha. Inni nama idilee(ordinary man) ture. Motiin tokko, mootota bara durii keessaa tokko gara masaraa isaatti akka ol seena ture dubbatan. Kunis.... Inni nama hin qabu ... Inni ergaa ergamu qaba ture, ergaa ariifachiisaa sababa diinni itti dhufeef ergagamu qaba ture.... Kanaafis namicha miskiina achi dhaabbatee ture kanaan, “Kunoo, ergaa kana fuudhi, ergaa kana fuudhi! Iddoo ta'e tokkotti, bakka wayiitti ariifadhuutii, wanti kun akka raawwatamu ajaji” ittiin jedhe. Inni, “Ulee mootummaa koo harka keetti qabadhu; sun akka ana biraa ergamte dhugaa siif in ba'a” ittiin jedhe.

Innis uffata gaawonii isaa jalatti maxxanfatee fiiguu jalqabe, eegdonni bakka hundumaatti isa dhaabanii, namoonni kaan hundinuu isa dhaabuuf yommuu yaalanitti, inni, “Karaa gadi dhiisaa! Ergaa mootichaan of harkaa qaba. Ani ergamaa mootichaati!” jechaa isaanitti iyyaa fiiga ture. Sagalee mirkanaa'e!

Anis, “Seexana nana, karaa koo irraa gori! Ergaa Mootichaan qaba. Deemuun qaba!” jedheen yaade.

96 Yeroo tokko Mootii Nagaa ajjeesanii, awwaala keessa kaa'anii, awwaala sana cufanii, duuti guyyaa sadii fi halkan sadii isa qabate, garuu barii Faasikaatti ulee mootummaa harkatti qabatee, “Na duraa turi yaa du'aa. Yaa awwaalaa narraa fagaadhu! Narraa banami! Ani ergaa Mootichaati. Ani du'aa ka'uu kana mirkaneessuuf ka'uun qaba. Du'aa ka'uun, jireenyis ana!” jedhee iyye. Haleeluyyaa! Amma dhuguma miira gaariitu natti dhaga'amaa jira. Inni ergaa Mootichaati. Yaa firootaa, malakata dhageessisuuf walitti qabamuuf waan waamamneef isa haa beeknu. Makanni Gooftaa ni dhageessifama, sana booda yeroo wanti jedhamu hin jiru.

Inni Israa'eliin walitti qabeera. Guyyoota sadan—guyyaa sadaffaatti walitti isaan nan qaba jedhe. Waggoonni kumni lamaa fi dhibbi torba darbaniiru. Guyyaa sadaffaatti walitti isaan nan qaba jedhe, kanas raawwateera. Akkaataa jireenyaa isaan nan barsiisa jedhe. Isaan achitti argamu, amma misirroon karaa irraa baatee, raajonni lamaan, raajonni Ibrootaa sun lamaan akka dhufaniif qofa eegaa jiru, isaan yeroo isanii barsiisuuf....

97 Kaayiroo keessa yeroon dhaabadhee ture in yaadattu, yeroon achitti ol ba'e Lewi Pethrus, “Obboleessa koo Biraanhaam, yoommuu kana argan.... Raajoota ni amanu” naan jedhe.

Anis, “Anaaf kunwaan gaarii dha”n jedheen. Namni akkam akka ta'e argitanii? Garuu ayyaana Waaqayyoo immoo maal akka ta'e argituu? “Kakuu Haaraa kana nan dubbisa”n jedheen. Isaan Isa dubbisaniiru. Obboleessi keenya Lewi Pethrus Siwiidin irraa, gara macaafota miliyoona tokkoo achitti erge. Isaan dubbisaniiru, Yihudoonni achii sun oliif gadi qabanii isa dubbisaniiru-isaan akka Yihudoota warra si'anaa kanaa miti, warri si'anaa, warri gara biyyaatti deebi'an.... Isaan gadi bu'anii, “Kun Masiihichi yoo ta'eef, mee utuu ilaalluu milikkita raajii haa hojjetu, yoos ni amanna” jedhan

Lewi Pethrus akkas jedhe, “Obboleessa koo Biraanhaam, carraan achitti gadi bu'uu jira, carraan jira! Nama tokkotu carraan akka jiru natti hime. Karaa argadheera” jedhe, itti fufees, “Achittan gadi bu'a” jedhe.

Namni tokko dhufee Obboleessa koo Arganbraayit wajjin achi taa'ee, “Obboleessa koo Biraanhaam, sun Israa'eliin hirribaa dammaqsa! Fuul-duratti isaan baasiitii mallattoo raajii isaanitti agarsiisi, isaanis ni amanu” jedhe.

Anis, “Yaa Gooftaa, kunoo ani qophaa'eera”n jedhe. Utaaleen xiyyaara keessa seene (maallaqa fudhatee tikkeettii naaf kenne); Kaayirootti nan bue; achiis, “Eeyyee, ani qophaa'eera” nan jedhe.

Hafuurri qulqulluu immoo, “Kun iddoo kee miti. Kun yeroo kee miti” naan jedhe. Argitanii? Karaa

deemsaatu si duratti hafa. Anis, “Oo, yaa anaa, ani as dhufuufan karaarra bu'e, ammas nan deema jechuudhaa” jedheen yaade.

Wanti tokko, “Asumatti dhaabi! Karaa sana hin deemin. Gara Hindiitti darbii deemi. Gara kana hin deemin.... Gara Hindii deemi, malee as hin deemin!” naan jedhe.

98 “Maaliif....” jedheen yaade, bakka uffata itti fannifatan duubatti ba'een, “Gooftaa Yesuus, kun maal jechuudha?” nan jedhe. Ergasii booda Inni natti beeksise. Warri Ormaa(Gentiles) as hin jiran.... Raajota sanatu achi dhaqa. Akka Caaffata Qulqullaa'ootti ta'uu qaba. Musee fi Eliyaas dhufuu qabu. Kana biratti immoo misirroon hanga ammaatti karaa irraa hin baafamne. Raajonni sun ni deebi'u, milikkita raajiis ni hojjetu. Sunis Caaffata Qulqullaa'ooti. Achitti wanti hunduu ni raawwatama, sana booda hunduu utuu irraa hin hafin in raawwatama. Israa'el akka sabaatti guyyaa tokko keessatti dhalatti. Ameen! Ifni galgalaa ibsaa jira.

Yeroo galgalaa'utti ifni in ta'a,

Daandii ulfinaa argachuun kee hin oolu;

Karaa bishaanichaa keessa har'a ifni,

Maqaa qaalii Yesuusiin awwaalame.

Xinnaa fi guddaan cubbuu keessan hundumaatti qalbii geddaradhaa,

Hafuurri Qulqulluun akka ol seenu hin shakkisiisu.

Ifni galgalaa dhufeera.

Waaqayyoo fi Kiristoos tokko ta'uun isaanii dhugaa hin haalamne dha.

99 Firoota koo bara dhumaa keessa jirra. Egaa faarfannaa barreessichi kaka'umsa hafuura Waaqayyootiin yeroo barreesse jedhe kana ni yaadna:

Biyyoonni gargar caccabaa jiru; (kun waggaa kudha shan dura.) Israa'el dammaqaa jirti;

Milikkinni raajonni dursanii dubbatan;

Barri Ormootaa xumuramaa jira (Ilaalaa

xurii isaanii amma.) Ba'aa Sodaachisaa ta'een.

Yaa warra faffacaatanii gara kan keessaniitti deebi'aa.

Guyyaan furii dhi'aateera;

Garaan namaa sodaadhaan raafamaa jira.

Hafuura Waaqayyootiin guutamaa;

Duungoo keessan qulqulleessaa;

Ol ilaalaa, furiin keessan dhi'aateera. (Sirriidha.)

Raajonni sobduu sobaa jiru; Dhugaa Waaqayyoo

haaluutti jiru; (Kun dhugaan mitii!)

Yesuus Kiristoos Waaqayyo keenya.

Isaan kana hin amanan. Isaan “isms” gosa hundaa fi wantoota kaan hunda humnaan isin fudhachiisuu barbaadu. Raajichi garuu akkas jedheera—ykn barreessichi hafuuraan geggeeffame sun akkas jedheera:

Bakka ergamoonni irra tarkaanfatanitti ni deemna.

100 Mul'ata koo ni yaadattuu? Anis, “Sabni Phaawulos yoo itti galan, sabni koos akkasuma in ta'u, sababiin isaas ani akkuma isaatti sirriitti waanan hojjedheef” jedheen deebiseef.

Miliyoonaan kan lakkaa'aman immoo, “Sana irratti boqochaa jirra!” jedhan. Maal? Guyyaa keessa jiraachaa jirru, yeroo keessa jiraachaa jirru, milikkita yeroo keessa jiraachaa jirruu adda haa baafannu. Kan yaadne caalaa nutti barfachuu danda'a ta'a. Guyyoota kana keessaa namni inni ala jiru ammallee ala haa turu. Inni keessa jiru bara baraan ammallee keessuma haa turu. Balballi ni cufama.

Ganama kana kan as jirtan keessaa ammallee kan ol hin seenne yoo jiraattan, Oo, maqaa Yesusiin, yaa saba koo jaallatamoo, hojjetaa wallaalaa as dhaabatee jiru kana hin ilaalinaa, nama hin baranne,

nama hin beekumsa hin qabne, nama wallaalaa kana—sana hin ilaaliinaa, garuu Dubbii Waaqayyoo isa mirkanaa'aa jiru kana ilaalaa. Hafuura qulqulluu guddaa isa dhugaa ta'uu isaa mirkaneessu ilaalaa. Yeroo galgalaa'e keessa jirra. Yeroon kan isin yaaddan caalaa barfateera. Hin....

101 Dubartootaa, rifeensi keessan haa guddatu. Obboleettii, mee uffata xuraa'aa sana of irraa baasi. Sigaaraa of fageessaa. Yeroon inni xuraa'aan, amma iyyuu xuraa'aa itti ta'uu fi inni qajeelaan immoo amma iyyuu qajeelaa itti ta'u ni dhufa. Inni keessa jiru keessa jira; inni ala jiru aluma jira. Cufamuuf qaawwa xiqqootu hafe, namni qajeelaan tokko fayyuun erga rakkisaa ta'ee, namni cubbamaa fi warri Waaqayyoon hin sodaanne (warri dhugaa ganan, isinuu beektu), eessatti argamu? Mee mataa keenya gadi haa qabannu.

Amma, ifa sa'aatii kanaa keessa jiraachaa kan jirru, ifa guyyaa kanaa keessa jiraachaa kan hin jirre, kabajamtootaa fi jaallatamtootni warri kutaalee biyyattii adda addaa irraa dhuftan hunduu, mee amma, anaa wajjin iddoo aarsaa kanaa, mee waan haaraa haa fudhannu. Har'a Hafuurri Waaqayyoo akkamiin garaa keenya keessa jira? Yaadadhaa, Hafuurchi kan hin balaaleffatamnedha, kan hin faalamne.... Barsiisi waldaa kamiyyuu fi wanti hunduu guutummaatti manca'eera.

102 Sana irratti dabaluuf ykn irraa hir'isuu yaaluuf ija jabaachuu hin qabdan turtan. Sababni isaas, yoo hiika ofii keessanii itti kennuuf yaaltatan, qoodni keessan Macaafa jireenyaa irraa isin duraa fudhatameera. Waan Hafuurri Qulqulluu hin dubbatin dubbachuuf yaalaa jirtuu? Akka waan Inni waan tokko dubbateetti fakkeessuuf yaalaa jirtu moo waan Inni jedhe akkuma jedhametti fudhattanii deemtaa jirtu? Irraa hambisaa, irraa cicciraa akkasumas waraabaa (taping) waan sirrii hin taane hojjechaa jirtuu? Jireenya....

Akkas jedhi, "Eeyyee, akkan kana gochuu qabu amma natti hin dhaga'amu ykn tarii.... Waldaan koo kana akka hin amanne nan beeka. Sun, amma waa'een kanaa dubbii nama tokkooti." Namni tokkichi sun Waaqayyodha. Macaafni Qulqulluun asitti, rifeensa keessan muruu akka hin qabne dubbata. Macaafni Qulqulluun kun akka ta'u dubbateera, innis dubartoonni akka dhiirotaatti uffata akka uffachuuf jiran, kun immoo Waaqayyo duratti attam ciigaasisaa akka ta'e dubbateera. Akkamitti Hafuurri Qulqulluun qodaa tuffatamaa, nama hin malle kanaan Mootiin guddaan bara sanaa, "Kunoo, dubbii koo—kunoo, kun ulee mootummaa koo ti. Ulee mootumaa koo fudhadhuutii ka'ii ergaa kana naaf geessi" jedhee itti dubbate.

103 Waldoonni amantii na dhaabsisuuf, balleessuuf, xumura itti gochuuf, na ari'uu fi waan hundumaa gochuuf akka yaalan nan beeka; garuu ayyaana Waaqayyootiin karaa koo irran jira, biyyaa gara biyyaatti, iddoodhaa gara iddootti, waldaadhaa gara waldaatti naanna'een, "Ishee keessaa ba'aa!"jedheen iyyaa jira. Kun waan aallatamaa miti, garuu waan dhugaadha.

Hafuura isa ittiin barreeffame ni fudhattuu? Hafuura isa itti kenname ni fudhattuu? Yoo hanga ammaatti hin arganne ta'e, nuti—bakki iddoo aarsaa hin qabnu (garaan keessan iddoo aarsaati), harka keessan ol kaasaatii akkas jedhaa, "Waaqayyo, natti araarami. Hafuurri Waaqayyoo amma naaf haa dhufu, cubbuu koo hundumaa fi mufannaa koo hundumaa, amala badaa koo hundumaa, aarii, jeequmsa, wal loluu, dheekkamsa, fi waanan hundumaa irraa na deebisi. Ani immoo waan tokkon beeka, hafuurri koo waaqarratti akka gammanne. Yeroo dhumaa kana keessatti Gooftaa na hafuura koo gammachiisi. Kun lallaba ani dhaga'u isa dhumaa ta'uu danda'a, kunis yeroo dhumaaf ergaa kana dhaga'uu danda'a ta'a. Harka koo ol nan kaasa. Yaa Waaqayyo, naaf araarami."

Waaqayyo isin haa eebbisu. Harka baay'een argaa jira. Amma, yeroo muraasaaf callisaa isiniifan kadhadhaa. Isin harka keessan ol kaasaa, kun ammallee fedhii akka qabdan agarsiisa. Hafuurru Qulqulluu ammallee nama tokko waan waamaa jiru natti fakkaata.

104 Yaa Waaqayyoo jaallatamaa, Ati waan hundumaa beekta. Waan hundumaas kaayyoon waan hundaaf uumte. Gariin isaanii balaaleffamuu waan qabaniif; kaan isaanii immoo jaamfamuu akka qabaniif; gariin, akka nama suphe dhooftuu qodaa supheerraa dha'uuti, akkuma Phaawuloos jedhe, isa tokko kan manaaf ta'u, isa kaan immoo lagootti itti fayyadamuuf hojjeta. Inni lagootti itti fayyadamuuf dha'ame isa akka mi'a manaatti itti fayyadamuuf dha'ame agarsiisuuf qofa ture. Garuu waan fedhe hojjechuun harka Nama suphe dhooftuu jira mitii ree? Waaqayyoo warra yaadaan isaan qabe waameera mitii.... Warra yaadaan qabe waame. Inni waame qajeelota godhe. Warra qajeelota godhe immoo ulfinaan isaan ga'e mitii?

Tarii isaan har'a asitti walitti qabaman keessaatokko akka dubartii miskiina boolla bishaanii bira turte, akka ishee xurii keessatti, amantii dhabuu keessatti, duudhaa namootaa keessatti, barumsa namni tolchee keessatti qabamtee turte sanaa ta'uu danda'a. Tarii yeroo jalqabaaf wantoota kana yommuu dhaga'anitti, garuu wanti haaraan tokko garaa isaanii akeekkachiisera ta'a. Isaan baay'ee Harka baay'eetu ol ka'ee jira, yaa Gooftaa. Suphe dhooftuu guddichi amma suphee sana fudhatee qodaa ulfinaaf ta'u haa bocu. Sababni tokko akka jiru nan amana Gooftaa, utuu sababni hin jiraannee silaa akkas hin godhan turan; silaa akkas hin jedhan turan. An amma iyyuu amanaan jira, isaaniif qabadheen jira.

105 Yaa Gooftaa garbichi kee inni gad of deebisu haa kadhatu. Akka nama warra jiranii fi warra du'an

gidduu dhaabatee Si kadhatuu, akka nama Sodoom keessa dhaabatee, "Ishee keessaa ba'aa, dafaatii keessaa ba'aa!" jedhuutti haa kadhatu.

106 Gad of qabuu fi ulfina keessa ta'anii gara teessoo Waaqayyootti dhufanii akkas haa jedhan, "Yesus, har'aa kaasee Ati kan koo taata. Amma teessoo Hafuurri kee irraa natti bu'u dura taa'een waadaa kana Siif gala. Yoo Inni asitti na tuqe, an as malee bakka kan biraa hin deemu. Iddoon kun iddoo Ati itti na argite; iddoon kun bakka qubata kooti, as teessoo lammaffaa kana irra, as teessoo sadaffaa, teessoo shanaffaa, bakkuma fedhe haa ta'u. Iddoon kun bakka ani qubsiifamudha, sababni isaas kun bakka Ati na ifattedha, kun bakka ati sirreessuuf itti kakuu naaf galte dha. Ani hammam xuraa'aa yoon ta'e illee, akka jirbii hiddamaa adii ta'uufan jira. Dubbii Kee hunda nan amana; Ani isa keessa deemuuf, itti amanuuf, isa fudhachuuf qophiidha. Ani immoo amma ulfina Waaqayyoof jedhee kana nan godha, jireenyi koo naaf gaarii akka hin taane, Waaqayyoof gaarii akka hin taane, ollaa kootiif gaarii akka hin taane, waan biraatiif tokkoofillee gaarii akka hin taane nan beeka, salphumatti seexannni puuppeetii na godhachuudhaan, tarii naannoo sanatti na darbachuuf, tarii meeshaa taphaa godhatee na ilaaluuf, tarii waaqa tolfamaa dubartii tokkoo na gochuu danda'a ta'a. Garuu Waaqayyo, Ati garbicha Kee na godhi. Naaf dhaga'i yaa, Gooftaa." Amma maqaa Yesuus Kiristoos Ilma Keetiin dabarseen isaan Sitti kenna. Mataa keenyaa fi qalbii garaa keenyaa akkuma gadi qabannee jirrutti;

Waamicha Fayyisaa kootii dhaga'uu nan danda'a, (Firoota koo, yaada cabaadhaan, tarii

yeroo dhumaaf ta'uu danda'a. Sagalee xiqqoo sana dhaga'uu dandeessuu?) nan danda'a,

waamicha (Maal Inni.... Maaltu si waamaa jira yoo kan

Fayyisaa keetii ta'e? Sagalicha.) dhaga'uu nan danda'a,

(namni maal gochuu qaba? Biyya lafaa ganuu fi....)

"Fannoo koo baadhuu na duukaa bu'i, na duukaa bu'i

(Maqaa Yesuusiin cuuphamuu tuffadheera Gooftaa...."

Isaa wajjin iddoo dhaabaa keessa nan deema,

Nan deema (Isaa wajjin eessa? Bishaan keessa,

Iddoo dhaabaa keessa, eessa iyyuu,

iddoo kadhannaa, gara bishaan kuufamaa, bakka kamiyyuu.

Murteessaa.) ... Isaa wajjiin gara iddoo biqiltuu sana nan deema,

Karaa hundumaa Isaa wajjin, Isaa wajjin nan deema.

Firdii keessa Isaa wajjin nan deema, (Dubbicha moo Waldaatu sirrii dha.)

Nan deema…………………………….

"Ani moo Isatu sirrii dha. Qalbii koo moo Dubbii Isaatu sirrii dha?" Amma bakka murtii jirta. "Wanti ani amanetu sirrii dha moo Dubbii Isaatu sirrii dha? Rifeensa mataa murachuu fi uffata gabaabaa uffachuun gaarii ta'ee natti mul'ataa? Waldaa amantii tokko keessa jiraachuun gaarii ta'ee natti mul'ataa?" Inni kana irrattu maal jedhe?

Karaa hundumaa Isaa wajjin, Isaa wajjin nan deema.

Amma, iddoo Inni itti na geggeessetti Isa duukaa nan bu'a,

Yaa Gooftaa, anis akkuman harka koo ol kaasettan jira. Yaa Gooftaa, bakka kam iyyuu haa ta'uu, ergaan itti aanu eessatti lallabama? Halkan kana asitti deebi'ee jirraa, Afrikaa, Jarmanii, Siwiizarlaanditti moo eessatti? Eessatti yaa Gooftaa?

Iddoo Inni (Iddoo Ati itti na geggeessitu hundatti Gooftaa) nan deema,

Karaa hundumaa Isaa wajjin, Isaa wajjin nan deema.

Amma, mataa keessan gadi qabattanii iddoo Inni itti isin geggeessu hundatti Isaa wajjin ni deemtuu?

107 Yeroo yeroon dhumaa jiru kanatti Isaa wajjin in deemtuu? ''Namoonni ari'achaa jiru, kolfaa jiru, qoosaa jiru. Ammayyuu ani Isaa wajjin nan jiraadha; Ammayyuu Isaa wajjin nan deema. Bakka Ati jirtu hundatti Si waliinan tarkaanfadha Gooftaa. Ammayyuu amanamaa fi dhugaa ta'ee nan dhaabadha. Lola gubaa keessatti ammallee amanamaa fi dhugaa ta'ee nan dhaabadha. Yoon kufe deebitee na kaafta Gooftaa. 'Namni anaaf jedhee lubbuu isaa kennu jireenya in argata' jeteetta."

Kanaafuu Isaawajjin nan deema, karaa hundumaa Isaa wajjin nan deema.

Amma, isin hundinuu garaa keessan irraa, amma harka keenya garaa keenyas gara isaatti ol haa kaafnu.

Bakka Inni na geggeessutti Isa nan hordofa,

Bakka Inni na geggeessutti Isa nan hordofa,

Bakka Inni na geggeessutti Isa nan hordofa,

Karaa hundumaa Isaa wajjin, Isaa wajjin nan deema.

Inni ayyaanaa fi ulfina naaf kenna,

...............naaf kenna,

Gooftaa Yesuus, amma huccuu dafqaa (handkerchief)kana irratti hafuura baafadhu. Warra dhukkubsatanii fi warra rakkatan kana fayyisi yaa Gooftaa. Isaanii kenni yaa Gooftaa. Maqaa Yesuusiin fayyina isaaniif kenni, yaa Gooftaa.

Anaa wajjinis, karaa hundumaa anaa wajjin deemi.

108 Amma miirri gaarii isinitti dhaga'amaa? Amma hunduu qophaa'aa akka ta'e itti dhaga'amaa? Yoo Inni.... Malakanni Gooftaa dhageessifamannan sana booda yeroo wanti jedhamu hin jiru. Sun sagalee Malakataa isa dhumaa ti. Yeroo ganamni kan bara baraaitti, ganama ifaa fi bareedaa ta'etti cabsee seenu ta'a. Mee amma hundi keenya haa faarfannu: Malakanni Gooftaa yommuu dhageessifamu. (Karaarra nu buusaa mee [warra meeshaa taphatuun].)

Malakanni Gooftaa yommuu dhageessifamu,

Sana booda yeroon hin jiraatu,

Ganamni bara baraa, ifaa fi bareedaan ni ba'a;

Yeroo warri lafaa fayyan walitti qabaman

qarqara galaanaanichaatti,

Yeroo olii maqaan waamamu, achitti nan argama.

Yeroo olii maqaan waamamu,

Yeroo olii maqaan waamamu,

Yeroo olii maqaan waamamu,

Yeroo olii maqaan waamamu, achitti nan argama.

Ganama ifaa fi duumessa hin qabne sanatti

warri Kiristoos keessatti du'a yommuu ka'an,

Ulfinni du'aa ka'uu isaas in qoodama;

Jireenyi hundinuu xumuramee, hojiin keenya lafarraas yommuu goolabamu,

Yeroo olii maqaan waamamu,

Yeroo olii maqaan waamamu,

Yeroo olii maqaan waamamu,

Yeroo olii maqaan waamamu, achitti nan argama.

109 Harka keenya ol kaasnee “Ayyaana Keetiin yaa Gooftaa” haa jennu. Ayyaana Keetiin yaa Gooftaa! Amma, nuti Kiristoos keessatti obboleessaa fi obboleettii dha. Mee nama isin bira jirutti gara garalaatii harka wal fuudhaa, “Gargaarsa Waaqayyootiin, yeroo olii maqaan waamamu....” jedhaa.

Yeroo olii maqaan waamamu,

Yeroo olii maqaan waamamu,

Yeroo olii maqaan waamamu,

Yeroo olii maqaan waamamu, achitti nan argama.

Maal eegaa jirra?

Yeroo malakanni itti dhageessifamu (Isa dhumaa!)

Gooftaan ni dhageessisa, yeroonis hin jiraatu,

(Yeroo muraasa keessatti gara bara baraatti ceena,

libsuu ijaa keessatti) fi bareedaa;

Yeroo warri lafarraa fayyan walitti qabaman

gara ... qarqara galaanichaatti,

Yeroo olii maqaan waamamu, achitti nan argama.

Mee of irraa buunee haa faarfannu!

Yeroo olii maqaan waamamu,

Yeroo olii maqaan waamamu,

Yeroo olii maqaan waamamu,

Yeroo olii maqaan waamamu, achitti nan argama.

110 Oo, yeroon sun hin ta'uu? Gaaf tokko utuma deemaa jirtanii, sagalalee nama tokkoo dhageessu. “Eenyudhaa? Haadha keeti!” Ameen! “Amma, inni yeroo dheeraa hin fudhatu.” Daqiiqaa muraasa keessatti jijjiiramtu. Nutis ni—isaanii wajjin wal argina achiis qilleensa irratti Gooftaa wajjin wal arguuf isaanii wajjin ol in fudhatamna. Oo, yeroo muraasa keessatti, liphsuu ijaa keessatti ol butamna. Akkas in jenna, “Kunoo Obboleessi keenya Seward (obboleessa dulloomaa duraan as waldaa kana keessa ture). Maaliif, kunoo Obboleessi DeArk. Kunoo Obboleessa.... Kanaafuu—maaliif, as ilaalaa, isaan hundi na marsanii jiru. Maaltu ta'e?” Daqiiqaa muraasa keessatti.... “Isaan natti mul'achuuf jiru nan beeka. Kun ta'uuf yeroo dheeraa hin fudhatu; amma, yeroo muraasa keessatti, yeroo muraasa keessatti jijjiiramuuf jirra.” Oo, eeyyee! Yeroon sun ganama bara baraa, kan ifaa fi miidhagaa ta'tti bari'uuti. Duumessi dhokataan hundi....

111 Akkuma Inni jedhe, Israa'el amma akka duumessa ganamaa, akka hurkaa taateetti—qajeelummaan kee badeera. Akkasumas yeroo ifni aduu hundumatti ba'u maaltu isa jala dhaabata(Ameen!), sana booda olii maqaan in waamama, anis achitti nan argama. Tole, hanga galgala kanaatti:

Hanga wal arginutti, hanga wal arginutti,

Kun sa'aatii meeqatti akka raawwatamu hin beeknu firaa. Yeroo dheeraaf seenaa ta'ee ture, garuu dhugaadha; ni ta'a. Amma yeroo isaa isa sirrii irra jirra.

Hanga wal arginutti, hanga wal arginutti (Ayyaana Waaqayyootiin

halkan kana sa'aatii tokkoo fi walakkaatti ta'a jennee abdanna.),

Hanga wal arginutti Waaqayyo isinii wajjin haa ta'u.

Mee amma ol kaanee haa dhaabbannu.

112 Oo, ajaa'iba mitii? Kun Kiristoos Yesuus keessatti iddoo waaqarraa irra jiraachuudha. Kana homtuu hin jijjiiru. Akkamitti akkan qurxummii qabuu fi akkamitti akkan adamoo adamsuu jaalladhu ni beektu, sababni isaas Waaqayyoon lafa onaa keessatti waanan arguufi; ani baay'een jaalladha. Garuu oo, muuxannoo [jechoota ifa hin taanetu jira] kana hundaa daqiiqaa tokkollee hin jijjiirun ture. Daqiiqaa tokkikkiin kanaa, sun naaf quubsaadha.

“Waaqayyo, haaromsa na keessatti uumi. Mee an nama haaromsaa haa ta'u. Tokkoon tokkoon keenya nama haaromsaa haa taanu, haaromsi ana keessa haa ta'u. Yaa Gooftaa akkan beela'u na godhi, akkan dheebodhu na godhi. Yaa Gooftaa waan na keessatti barbaachisu sana na keessatti uumi. Mee sa'aatii kana irraa eegalee kan kee, caalaatti garbicha qulqullaa'e, garbicha fooyya'aa, caalaatti Siin kan eebbifame, caalaatti danda'uu, caalaatti gad of deebisu, caalaatti gara laafessa ta'uu, caalaatti hojjechuuf fedhii kan qabu, caalaatti wantoota gaarii ta'an ilaaluu fi wantoota darban fi kan hamaa ta'an kan dagatuu fi kan ammaatti kan xiyyeeffat na taasisi. Mee gara mallattoo waamicha Kiristoos isa ol aanaatti na dhiibi.” Ameen! Fedhiin keenya kanuma mitii?

Tole, mee—hanga galgala kana wal arginutti, maqaan Yesus nu waliin haa turu, tokkoon tokkoon keessan wajjin haa ta'u.

Maqaa Yesuus of biratti fudhadhu,

Mucaa gaddaa fi gadadoo;

Gammachuu fi jajjabina siif kenna,

Bakka deemtu hundatti fudhadhu.

Maqaa qaalii, yaa mi'aawaa!

Abdii lafaa fi gammachuu waaqarraa;

Maqaa qaalii,yaa mi'aawaa!

Abdii lafaa fi gammachuu waaqarraa.

Amma, mataa keenya gadi haa qabannu.

Maqaa Yesuus of biratti fudhadhu,

Akka gaachana kiyyoo hundummaa irraa si eeguu;

Qorumsi naannoo keetti yommuu walitti qabamu,

Maqicha qulqulluu kadhannaadhaan hafuura baafadhu....

MESSAGE hub online
www.messagehub.info

Kan Lallabame
Williyaam Maariyoon Biraanhaam
"... bara malaakanni afuufamutti..." Mul. 10:7